




Siinqee
Appiikeeshinii Moobaayii Baankiingilii Baankii Siinqee

Ammuma, Piya Istoorii Irraa buufachuun fajaajila isaa jalqabsisa, maallaqa Keessan salphaatti daddabarsaal

www.siinqeebank.com

Waliigaltee araaraa mallatteeffame hojiitti hiikuuf mootummaan kutannoo qaba

Taammiruu Raggaasaatiin

Finfinnee: Waliigaltee araaraa Waraana Bilisummaa Oromoo (WBO) waliin mallattaa'e hojiitti hiikuuf mootummaan Naannoo Oromiyaa kutannoo kan qabu ta'uu Biiron Kominikeeshinii Naannichaa beeksise.

Hogganaan biirichaa Obbo Hayiluu Addunyaa haasaa kaleessa marii Gumii Balal mataduree, "Walwaraansarraa gara

Nageenya Waaraati" jedhuun waajjira Pirezidaantii naannichaatti gaggeeffamerratti taasisaniin akka jedhanitti, Oromiyaatti dhimmi nageenya waareessuu ni jalqabame malee hingoolabamne. Ummataafis ta'ee mootummaaf dhimmi nageenyaa ajandaa ijoodha.

Walwaraansa taasifameen namni hedduun kan wareegameefi qe'eesarraa buqqa'uu yaadachisani; Oromoon sirna Gadaa keessatti akkaataa waraana itti gaggeessan

akkuma qabu akkaataa waraana itti dhaabaniifi rakkoo yeroo waraanaa mudatterraammoo itti dandamatan seera qaba jedhaniiru.

WBO faana araara buusuuf kan ittii dubbatan Afaan Oromoo, sirni ittiin dhimma araaraa kana gaggeessan sirna Gadaafi araarsuuf kan gidduu seenemmo Abbootii Gadaati jedhanii; waraana booda namni deebi'ee walitti fayyuu waliin jiraachuu qaba. Kana gochuuf immoo duudhaa sirna Gadaa keessaa tokko kan ta'e sirni gumaa fala bakka bu'iinsa

Gara fuula 14tti

Biirichi gabaa ayyaanota Qilleefi Cuuphaaf qophii taasisuu ibse

• Beeyiladni qalmaa kuma 500 oliifi zayitii liitirri miliyoona 10 ol nidhiyaata

Gammachuu Kadiiriin

Finfinnee: Ayyaanota Qilleefi Cuuphaa bara 2017tti hanqina galteewwaniin walqabatee qaala'iinsi gatii akka hinumamneef

Gara fuula 15tti



Obbo Abbaabuu Waaqoo



Obbo Toofiq Ahmad

"Haalli nageenyaa Shawaa Bahaa kan duraaniirra fooyya'aa jira"

- Obbo Abbaabuu Waaqoo

fuula 14

"Tumaa Gamtaan Abbootii Gadaa labse eessattuu hindabu, hincabus"

- Abbaa Gadaa Warqinaa Tarreessaa

Saamraawit Girmaatiin

Bishooftuu: Barmaatilee daa'immaniifi dubartootarratti miidhaa geessisan qolachuufi balaaleffachuuf Biiron Dhimma Dubartootaafi Daa'immanii Oromiyaa hojiilee hedduu hojjetaa jira.

Keessumaa seektarootaafi dhimmamtoota addaddaa waliin ta'uun dhimmicharratti hojjetaa jira. Dhimmi kun xiyyeeffannaa akka argatuuf sosochii qopheessuun hojii hubannoo uumuurratti hojjetaa kan ture yoo ta'u, baranas ji'a Sadaasaa keessa guutuu Oromiyaatti sosochiin ji'a tokkoof ture adeemsifameera.

Qaamuma sosochii kanaa kan ta'efi dhiibbaan dubartootaafi daa'immanirra ga'u abbootii Gadaatiin akka balaaleffatamuuf hojjetamaa kan ture yoo ta'u, Gamtaan Abbootii Gadaa dhimmicharratti gadifageenyaan erga mari'atee booda Kamisa darbe tumaalee garagaraa labseera. Tumaalee kunneenis akkaataa sirna Gadaafi araddaalee odaawwan Oromootiin hojiirra kan oolan ta'u.

Walittiqabaan Gamtichaa Abbaa Gadaa Warqinaa Tarreessaa tumaalee tumaman



Bishooftuu, Galma Aadaatti yommuu labsan akka jedhanitti, Oromoofi sabaaf sablammiiileen Oromiyaa keessa jiraatan kamuu tumaalee miidhaa dubartootaafi daa'immanirra ga'an hinraawwanne adabbii sirni Gadaa itti muru raawwachuurra darbee jiruu hawaasummaa kamirrattuu

hinhirmaatan. "Bu'uuruma kanaan namni daa'ima gudeede orma yoo ta'e korma afuriifi goromsa sadii; yoo abbaa, obboleessaafi fira ta'e ammoo hawaasa fuulduratti huccuun irraa baafamee dhaabatee, salphatee hawaasa

Gara fuula 14tti

ODUU

Oromiyaatti barana baadiyyaatti barsiisota 8843f manni jireenyaa ijaarame

- Magaalotatti barsiisotni 3253 lafa mana jireenyaa argatan

Taammiruu Raggaasaatiin

Finfinnee: Baadiyyaa Oromiyaatti bara bajataa 2017 hirmaannaa ummataatiin barsiisota 8843f manni jireenyaa ijaaramee yoo kennamu magaalotatti barsiisonni 3253 lafa mana jireenyaa argachuusaanii Biroom Barnoota Naannichaa ibse.

Biirichatti Daarektari Qophii Karoora hordoffiifi gamaggamaa Obbo Hasan Idris ibsa Kamisa darbe Gaazexaa Bariisaaf kennaniin akka jedhanitti, Gumii Tiraanisfoormeeshinii Barnootaatiin waggoota sadan darbanii eegalee hojiiileen misooma barnootaa hedduun hojjetamaa jiru.

Hojiilee hojjetaman keessaa tokko hojii barsiisotaaf haala mijaa'aa uumuudha jedhanii; pirezidaantii naannicharraa kaasee hoggansi olaanaan sadarkaa sadarkaadhaan jiru rakkoo mana jireenya barsiisotaa furuuf hojjechaa jiraachuu eeraniiru.

Hojii hojjetamaa jiruunis bara bajataa darbe magaalotatti barsiisotni 6451, bara bajataa kana keessammoo hanga ammaatti barsiisotni 3253f lafa mana jireenyaa argachuu ibsaniiru.

Nyaatni barsiisotaa akka eegalamuuf kallattii kaa'amee iddoowwan tokko tokkotti hojiitti hiikamaa jira jedhanii, harkifannaa adeemsa lafa mana jireenya barsiisotaa dhiyeessuurratti mul'achaa jiru furuufis biiroonsaanii Waajjira Pirezidaantii Oromiyaa waliin hojjechaa jiraachuu himaniiru.

Pirezidaantiin Waldaa Barsiisotaa Naannoo Oromiyaa Obbo Waaqwayyaa Toleeraa gamasaanitiin akka jedhanitti, rakkoo mana jireenya barsiisotaa furuuf waldaansaaniin erga sochii eegalee waggoooni hedduun lakkaa'amaniiru.

Dhiibbaa waldichi taasiseen bara 2008 Manni Maree Ministeerotaa gaaffii waldichi



dhiyeesse deebisuuf murtoo murteeseen dambiin ittiin raawwatamu bahee naannooleedhaaf gadi bu'ee hojiitti galame. Gaaffii waldichaa deebisuuf murtoo manni maree ministeerotaa dabarseen dambiin ittiin raawwatamus bahee naannooleef gadi bu'ee hojiitti galame.

Oromiyaatti barsiisonni kuma 300 ol akka argamaniif waldichimmoo miseensota kuma 235fi 492 akka qabus eeranii, qorannoo waldichi bara 2014 taasiseen barsiisotni kuma 125 ta'an mana jireenyaa akka hinqabne adda baafameera jedhan.

Bara 2008 kaasee hanga ammaatti barsiisota kuma 53fi 776 qofatu iddoo mana jireenyaa argate jedhanii; rakkoo

Gara fuula 15tti

"Abbaa biyyummaa Finfinnee deebisuun madaa dhinsuudha ardii biraa gochuuf yaaluun madaa bal'isuudha"

- Obbo Ibsaa Nagawoo

Waasihun Takileetiin

Adaamaa: Finfinneen qe'ee Oromoo Tuulamaa, magaalaa lafee ilmaan Oromoorra dhaabatte Oromootti abidda faanaa taatee qe'eefi qabeenyasaarraa buqqisuun Oromummaa erga dhiistee bubbulteetti.

Sirnoonni darban marti waan afaan qawweetiin biyya bulchaa turaniif gaaffiin abbaa biyyummaa akka hinkaane ukkaamsuun olaantummaa garee tokkoo, amantaa tokkoofi sirna tokkoon biyya burjaajessaa turuu ragaatu seenaa baha.

Sababuma kanaan qabsoon hidhannoo filannoo ta'aa kan ture yoo ta'u, yeroo ammaa garuu gara aangootti dhufuu mootummaa jijjiiramaa hordofee qabsoon qawwee gara marii biyyaalessatti geeddaramuun jijjiirama guddaa ta'uu Gorsaan ABO Obbo Ibsaa Nagawoo ni ibsu.

Obbo Ibsaan turtii addatti Gaazexaa Bariisaa waliin taasisaniin mariin biyyaalessaa dhabamuun qabsoo hidhannoo balbala saaqaa turuu himu. Qabsoon hidhannoo ammoo qaama miidha, dinagdee golgoleessa, alseerummaa babal'isa. Akka kun hintaanef ammoo mariin biyyaalessaa eegaluun jijjiirama guddaadha jedhu.

Seenaa Itoophiyaa keessatti mariin biyyaalessaa takkaa gaggeeffamee akka hinbeekne kan kaasan qondaalli kun; mootummaa jijjiiramaa kana keessa eegalamuun Oromoof injifannoo guddaa dimokraatawaa ta'uusaaf agarsiistuudha jedhu.

Oromoon ummata Gadaan bulu, dimokraatawadha isa jedhuuf mariin jalqabame kun ibsituudha jedhanii; sabaafi sablammiin loogii tokko malee yaadasaanii akka dhiyeffatan taasifamuun kan nama jajjabeessu ta'uu eeraniiru.

Itoophiyaan biyya saboonniifi sablammiileen 76 keessa jiran taatus dhiibbaa sirnoota abbaa irreerra kan ka'e jiraachuusaaniillee



Obbo Ibsaa Nagawoo



Obbo Toleeraa Adabaa



Obbo Mahaammad Ahmad Qophe

beekamtii dhaabee ture jedhu. Sirni federaalizimii lafa qabachuu waan eegaleef garuu muraasni gadi bahanii kan

Gara fuula 15tti

Biirichi afaan Oromoo afaan saayinsiifi teknolojii taasisuuf moosaajii misoomsaa jira

Gammachuu Kadiriin

Finfinnee: Afaan Oromoo afaan saayinsiifi teknolojii taasisuuf moosaajii Afaan Oromoo gara Amaariffaafi Ingiliffaatti hiiku misoomsaa jiraachuu Biroom Aadaafi Tuurizimii Oromiyaa beeksise. Mosaajichi guddina afaanichaa mirkanessuu cinatti walittidhufeenya sabootaa, sabalamootaafi ummattootaa cimsuu keessattis shoora qaba jedhameera.

Biroom Aadaafi Tuurizimii Oromiyaatti Daarektari Qorannoo, Misoomaafi Hogbarruu Obbo Takluu Buusaa ibsa Kamisa darbe Gaazexaa Bariisaaf kennaniin akka jedhanitti, Afaan Oromoo afaan saayinsiifi teknolojii taasisuuf mosaajiin qophaa'aa jira. Mosaajiin qophaa'aa jiru Afaan Oromoo gara afaanota birootti hiikuudhaan walittidhufeenya sabootaa cimsuufis gumaacha olaanaa akka qabu ibsaniiru.

Akka ibsasaaniitti, Afaan Oromoo dijitaallessuu keessatti hojii bal'aan hojjetame jiraachuu baatus hojii muraasni Googiliirraa hiikaan Afaan Oromoo jiru waalta'iinsa eeggate waan hinturreef hiikarratti hanqina qaba ture.

Biirichi aangoo labsiidhaan kennameef bu'uura godhatee hanqinoota kunneen maqsuuf misooma moosaajii ykn hojii Afaan Oromoo dijitaallessuu bal'inaan hojjechaa jira jedhaniiru.

Akkuma beekamu afaan tokko guddateera kan jedhamu yoo afaan hojiifi barnootaa ta'eedha jedhanii; afaan idiladdunyaa taasisuufis moosaajiin Afaan Oromoo gara Amaariffaafi Ingiliffaatti hiiku gumaacha olaanaa qabaachuu eeraniiru.

Qophiin moosaajichaa of eeggannoo waan barbaaduuf ogeeyyiin afaanii yuunivarsitootarraa hirmaachaa jiru. Kanaafis, yaadi ka'umsaa Yunivarsitii Arsiirraa dhiyaachuudhaan kitaabaan qophaa'ee gara moosaajiitti jijjiiramaa jira. Moosaajiin qophaa'aa jiru jecha gara jechaatti hiikuu qofa utuu hintaane seerluga afaaniifi haala dubbii kan hammateedha jedhan.

Dabalataanis, ogeessi afaanota naannawa Itoophiyaatti argamanirratti hojjechuudhaan muuxannoo guddaa qabu, lammiin biyya Hindii Yunivarsitii Waachaamootti hayyoota kunneen waliin ta'uun misoomni moosaajichaa gaggeeffamaa jiraachuu eeraniiru.

1) Subject Pronouns

I	(English)
Ana	(Afaan Oromoo)
We	(English)
Nu/Nuyi/Nuhi/Nuti	(Afaan Oromoo)
You (m)	(English)
Ati	(Afaan Oromoo)
You (f)	(English)
Ati	(Afaan Oromoo)

Moosaajii misoomaa jiru

Guddina afaaniin walqabatee garaagarummaa loqodaa ('dialects') furuuf waaltinni eegamee akka qophaa'uuf Biroom Aadaafi Tuurizimii hojii hordofuufi

gulaaluuf xiyyeeffannoo kennee hojjetamaa jira jedhaniiru.

Hojiin gulaalliifi waraabii haala sagaleessaa sagalee ('audio pronunciation') xumuruudhaan yeroo dhiyoo keessatti tajaajilaaf ifa akka ta'us Obbo Takluun ibsaniiru.

Moosaajii qophaa'aa jiru gabbisuuf waltajjiin galtee walittiqabuu hayyootaafi qooda fudhatoota hirmaachise gaggeeffamuudhaan galteen argame moosaajichatti dabalamee qophaa'a jedhan.

Afaan ruqaalee ('elements') aadaa keessa tokko ta'uus himanii; moosaajiin qophaa'aa jiru Afaan Oromoo afaan saayinsiifi teknolojii taasisuurra darbee aadaa Oromoo guddisuufi beeksisuu keessattis shoora olaanaa qaba jedhan.

Moosaajiin misoomaa jiru moosaajii Afaan Oromoo gara afaan Amaraafi Ingiliffaatti jijjiiru jechuun maqaan yeroof kennamuufis dandeettii Afaan Oromoo gara afaanota Itoophiyaa hundaatti hiikuu akka qabaatu ta'ee misoomaa jiraachuu ibsaniiru.

Ijoo Dubbii



Badhaadhina maatii
bu'ura badhaadhina biyyaa

Badhaadhina maatii bu'ura badhaadhina biyyaa

Dachee biyya keenyaa gama hundaan badhaaterratti omishnee hiyyummaa injifachuun dirqama. Mootummaan Itoophiyaafi ummatashii maraammartoo hiyyummaa keessaa baasuuf karoorra imala badhaadhinaa qopheessee xiyyeeffannoo olaadhaan hojjetaa jira.

Imala badhaadhinaa keessaa karoorri badhaadhina maatii isa tokko. Karoorri kun dhimmoota xiyyeeffannoon kennameef sadii, maaltu akka omishamu, hammam akka omishamuufi kan omishamerra hammam akka qusatamu kanneen jedhaniidha.

Qonnaan bulaan dhimmoota kanneen milkeessuuf kan ganna roobaan facaase ammaan tana sassaabee galchaa jira. Waan omishee galchaa jirurraa hangam akka qusurratti hubannoon uumamuu qaba.

Gama biraatiin qamadii dabalatee hojii misooma bonaatti xiyyeeffannoo addaatiin seenameera. Birraa, bonaafi arfaasaa jallisiifi coba bishaniitiin misoomsuun ajandaa ummata keenyaa ta'eera.

Kanaaf goleeewwan Itoophiyaatti tibboonni hundi yeroo misoomaa ta'aa jiru. Muuxxannoon misooma qamadii bona qonnaan bultoota hunda biratti babal'achuun imala badhaadhina maatii cimsuu, wabii nyaataa mirkaneessuufi alergii guddisuu keessatti waan guddaa waan gumaachuuf hojii ijoo si'anaa kan ta'e sassaabbii midhaanii, qusannaafi qonna jallisii milkeessarratt xiyyeeffannaan hojjetamuu qaba.

Mootummaan gamasaatiin bara 2013 irraa kaasee badhaadhina maatii dhugoomsuuf tarkaanfiiwwan garagaraa fudhachuun badhaadhina tokko tokkoon qonnaan bulaafi horsiisee bulaa biraan gahuuf hojjechaa xiyyeeffanna olaanaadhaan hojjetaa jira.

Kanaanis inisheetivoota adda addaa kanneen akka dammaa, horsiisa lukkuu, aannanii, kuduraafi muduraafaa baay'ina, saffisaafi qulqullinaa akka omishamuuf yeroo kamuurra tattaaffii cimaa taasisaa jira.

Fakkeenyaaf misoomni dammaa, dinagdee qonnaan bulaafi horsiisee bulaa dabaluurra darbee, rakkoo wabii nyaataa furuudhaan sagantaa "Maaddii Guutuu" akka biyyaatti qabamee hojjetamaa jiru, dhiyeessii nyaata madaalawaa mirkaneessuun keessumaa dhaloota sammuu qaroo horachuu keessatti gahee guddaa qaba.

Akkuma irrannatti eeruuf yaalame tarkaanfii addaa omisha qamadiirratti fudhatameenis Itoophiyaan boqonnaa kadhaa kaleessaa keessaa baatee, haala mijataa misoomaaf qabdutti gargaaramuun bonaafi gannaan qamadii omishee wabii nyaataa mirkaneeffachuu, darbees al ergiidhaaf oolchuudhaan boqonnaa seenaa haaraa saaquu eegalteetti.

Kanaaf, badhaadhinni maatii, hundee badhaadhina biyyaa waan ta'eef qabeenyaafi humna qabnu hundaa fayyadamnee hiyyummaa injifachuun dirqama. Tokko tokkoon maatii omishaafi omishummaarratti xiyyeeffatee akka badhaadhinisaa mirkaneeffatuuf hubannoo uumuurratti ammas xiyyeeffannaan hojjetamuu qaba.

Yaada/Ajandaa



Warra galaniif galata warra hafaniif waamicha

Riippoortara Gaazexichaatiin

Adeemsa ijaarsa biyyootaa keessaatti garaagarummaan yaadaa kan baratame ta'us walhubachuufi waldhaggeeffachuun garaagarummaa jiru mariidhaan furuun biyya ijaaruu keessatti biyyootni milkaa'an muraasa.

Akka seenaan biyyoota adda addaa ibsutti garaagarummaan yaadaa gara walwaraanuutti ce'uudhaan walwaraansa waggoota dheeraa booda gara mariifi araaraatti dhufuudhaan biyya tasgabbootteefi guddina dinagdee saffisaa galmeessistu ijaaruuf kanneen sochiirra jiran danuudha.

Haata'u malee biyyootni guddachaa jiran keessumaa biyyootni Afrikaa garaagarummaa mariidhaan furanii nageenya biyyootasani mirkaneessuu keessatti boodatti hafuurra darbee dinagdeen duubbatti harkifatee rakkoo hamaaf saaxilamaa kan jira danuudha.

Itoophiyaanis sirna ijaarsaasheeraa ka'uun garaagarummaan yaadaa gara humnaan sirna jijjiiruutti ce'ee sirnoota dhufaa darbaa humnaan jijjiiraamuudhaan madda walitti bu'iinsaa ta'ee ittifufeera.

Naannolee biyyattiitti keessumaa Amaaraafi Oromiyaatti mari'atanii rakkoo jiru waliin furuun hafee afaan qawween furmaata argachuuf gaaga'ama lubbuu lammilee nagaafi barbadaa'uu qabeenya nama dhuunfaafi waloof qaqqabsiisuun erga rakkoo nageenyaafi dinagdee ta'ee bubbuleera. Gochoota saamichaafi ajjeechaan, dhiibbaa mirga namoomaa dararamaa turaniiru, jirus.

Mootummaan rakkoleen kunneen akka furamaniif irra deddeebi'ee qaamolee seeraan ala hidhatanii socho'aa turaniifi waamicha dhiyeessaa tureera ammas ittifufeera.

Kana qofas miti akka biyyaattis nagaan waara'aa akka bu'uuf Komishiniin Marii Biyyaalessaa labsiidhaan hundeeffamee waldhabdee yaadaa bara dheeraa obboleewwan walirraa fageesse walitti fiduuf erga ajandaaalee marii walitti qabuu eegalee bubbuleera.

Yeroo ammaas ajandaaleen gaaffiilee hawaasaa ta'an Oormiyaa dabalatee naannolee 10fi bulchiinsoo magaalaa lamatti walitti qabamuudhaan ajandaa marii biyyaalessaaf komishinichatti dabarfamee akka kennatan ta'eera. Kan naannoo Amaaraafi Tigraayis haaluma walfakkaatuun akka raawwatamu odeeffannoon komishinicharraa ba'u ni mul'isa.

Komishinichi yeroo raawwiisaa keessatti yaada qaamolee bosona seenuun hidhannoo qabatani jirani qaama marii biyyaalessaa taasisuun walwaraansi obboleewwanii akka dhaabatauuf qaamolee kunneeniif irra deddeebi'ee

waamicha taasisaa tureera.

Bu'uuruma kanaan Waraanni Bilisummaa Oromoo rakkoo jiru karaa nagaan furuuf mootummaa naannoo Oromiyaa wajjin walii mallatteessuun hojiin fakkeenyummaa qabu mul'ateera.

Mootummaan Naannoo Oromiyaas dhimma kana haala kamiin hunduu qooda fudhachuudhaan walwaraanni obboleewwanii dhaabatee nageenyi waara'aa akka bu'uuf waltajjii qaamolee dhimmichi ilaallatu, marii Gumii Balal marsaa 40ffaa mataduree "Walwaraansarraa gara nageenya waaraatti" jedhuun dhimmamtoota hirmaachisuun geggeeffameera.

Hogganaan Biiroo Kominikeeshinii Oromiyaa Obbo Hayilu Addunyaa haasaa maricharratti taasisaniin, imalli wal waraanasaa irraa gara nageenya waaraatti ce'uuf hirmaannaa qaamolee hundaa murteessaa ta'uu eeraniiru.

Nagaan waa hundaa oli. Nagaan utubaa jiruufi jireenyaa waan ta'eef hirmaannaa qaamolee hundaa gaafata jedhaniiru. Yoo hundumtuu itti hirmaate nagaan waaraan bu'e Oromiyaan qe'ee nagaafi marabbaa, ulfoofi ulfinaa taati. Kanaaf hundumtuu waan irraa eegamu ba'uu qaba.

Nagaa waressuufi fedha dhuunfaafi gareerra adda ba'uudhaan gara gaaffii ummataatti ce'uuf murannoo gaafata. Kanaafi, immoo adeemsa waraana dhaabuun gara waliigaltee nagaatti dhufuun isa duraati. Haaluma kanaan mariin garaagarummaan yaadaa jirurratti mar'achuun nageenya waara'aa fiduuf beekumsa xabboo mareefi marabbaa ganamaa ummatni Oromoo qabu fayyadamuun hirmaannaa hundaa gaafata.

Qaamoleen waliigaltee mootummaa waliin mallateessan nagaan ummataasaniifi dararama ummatarra ga'aa jiru hubachuun ilaafi ilaameen mar'achuuf taa'uun bilchina. Ta'us mariin geggeeffamu warra hafeefis fakkeenya ta'ee karaa dararama ummataa furuun shira tokko malee mar'atamuu qaba.

Qaamoleen dhimmi kun ilaallatu hundis qaamolee waliigaltee walii mallatteessan lamaan qofatti dhiisuurra ga'eesaanii ba'uudhaan warra galaniif galata dhiyeessaa warra hafaniif waamicha dhiyeessuun barbaachisaadha.

Ergaan ummanni Naannoo Oromiyaa tibbana iddoowwan adda addaatti hiriira bahuun dabarses waanuma jechaa jirru kana kan of keessaa qabuudha. Ummanni waanjoo baatee waraanni ni ga'a, nagaan haa bu'u jechaa jira; warra gara nagaatti deebi'an galateeffachaa warra hafaniif waamicha dhiyeessaa. Kanaas sagaleefi watwaannaan ummataa kun gurra argchuu qaba, fedhiinsaas eegamuun irra jiraata.



Bariisaan

Guraandhala bara 1969 hundaa'e.

Torbanitti al tokko, guyyaa Jimaataa,

Dhaabbata Piresii Itoophiyaatiin maxxanfamaa ture. Waxabajjii

1,2011 irraa eegalee Sanbata maxxanfamaa jira.

Hoji Gaggeessaa Olaanaa Dhaabbata

Piresii Itoophiyaa

Lakk. bilbilaa - 011-126-42-22

Email :- epa@press.et

Gulaalaan

Charinnat Hundeessaa

Lak.Bilbilaa 011-126-42-08

chhundessa@yahoo.com

email-cherenethundessa@press.et

Teessoon:Kutaa Magaalaa Nifas Silki Laaftoo

Qopheessitootni:

Saamraawit Girmaa

Natsaannat Taaddasaa

Bayyanaa Ibraahim

Waaahuun Takilee

Adeemsisaa Hojii

Bil. 011-126-42-22

Kutaa Beeksisaa:

Bil. 011-156-98-73

Raabsa Gaazexaa

Bil.011-157-02-70

Faaksii Kutaa Qophii

251-011-1-5698-62

L.S.P 30089

email-bariisaa@press.et



Ethiopian Press Agency

ODUU

Baankiin Hojii Gamtaa Oromiyaa qonnaan bulootaa tajaajila liqii dhiyeessaa jiraachuu ibse

- Baankichi yaa'iisaa idilee 20ffaa har'a gaggeessa

Bayyanaa Ibraahimiin

Finfinnee: Guyyaan Waldaalee Hojii Gamtaa 6ffaan kaleessa sirnoota adda addaatiin Adaamaatti bakka komishinari Komishanii Waldaa Hojii Gamtaa RFDI Obbo Shifarraa Shugguxee dabalee keessummoonni adda addaa argamanitti kabajameera.

Gahee Waldaaleen Hojii Gamtaa guddina hawaas-dinagdee biyyaa keessatti qabu beeksisuudhaaf kabajani guyyichaa shoora olaanaa akka qabu Hojii Gaggeessan Baankii Hojii Gamtaa Oromiyaa Obbo Darribee Asfaawu ibsaniiru.

Akka ibsasaaniitti, baankichi waldaaleefi qonnaan bulootarratti xiyyeeffachuudhaan rakkoo gama faayinaansiin jiruuf furuuf liqii dhiyeessaa jiraachuu himanii, hawaasa daldalaafi maallaqa waa qabsiisee liqeeffachuu hindandeenyeef liqii kolaataraalaan ala dhiheessuun seenaa biyyattii keessatti baankii jalqabaa ta'uu danda'eera. Baankichi qarshii biiliyoona sadii ta'u kolaataraalaan ala tajaajila "michuu" jedhamuun ummataaf liqeessuus eeraniiru.

Baankichi tajaajila Baankii kunnuu cinatti, gahumsaafi humna Waldaalee Hojii Gamtaafi qonnaan bulootaa cimsuuf, leenjiifi gorsa ogummaa kennaa jiruun hojjattoota Ejensii Babal'ina Waldaalee



Hojii Gamtaa Oromiyaafi caasaa sadarkaa godinaaleefi magaalotaatti argaman hojii beekumsarratti hundaa'e akka raawwataniif carraa uumeera.


Gama tajaajila deeggarsaa akaakuuwwan gara garaa waldaaleefi qonnaan bulootaa kennaa jiruutiin waggoota afran darban qofatti hojichaaf baasii qarshii miiliyoona 41 ta'uun waldaalee 1,387fi qonnaan buloota kuma 13,362 fayyadamoo taasisera jedhan.

Baankichi bakka bu'uraaleen misoomaa hinqaqqabiinitti dameelee 'iikoo' jedhaman banuudhaan hawaasni tajaajila baankii akka argatu taasisaa jiraachuu kan himan Obbo Asfaawu, gama kanaan dameelee 60 banuudhaan hawaasa fayyadamaa taasisaa jiraachuu dubbatu.

Faayidaa Waldaaleen Hojii Gamtaa guddina hawaas-dinagdee biyya tokkoo keessatti qabaniifi abdi isaan dhaloota egereef

gumaachanirraa ka'uudhaan barri haaraa Faranjootaa 2025n kun "Bara Waldaalee Hojii Gamtaa Idiladdunyaa" jedhamee akka kabajamu Dhaabbanni Mootummoota Gamtoomanii murteesse jira.

Baankiin Hojii Gamtaa Oromiyaa har'a Mudde 19 bara 2017 Adaamaa, Galma Abbaa Gadaatti yaa'iisaa 20ffaa abbootii aksiyoona gaggeessa.



Godina Baaleetti dammi tooniin 3500 omishame

Taammiruu Raggaasaatiin

Finfinnee: Baaleetti ji'oota shanan darbanitti dammi tooniin 3500 omishamuu waajjirri qonna godinichaa beeksise.

Ittigaafatamaan waajjirichaa Obbo Aliyyii Mahaammad turtii Kibxata darbe Gaazexaa Bariisaa waliin taasisaniin akka jedhanitti, godinichi omishaafi omishtummaa dammaatiif mijataafi poteenshaala guddaa qaba.

Aanaalee godinichaa hunda keessatti hojiin misooma dammaa hojjetamaa jira jedhanii; erga inisheetiviin misooma dammaa mataduree, "Oromiyaa galaana dammaa nitaasisna" jedhuun bara 2013 jalqabamee as godinichatti damma baay'inaafi qulqullinaan omishuun yeroodhaa gara yerootti dabalaa jira. Jalqabuu inisheetivichaa dura gaagurri

Gara fuula 14tti

Naannichatti callaa midhaan akaakuuwwan garagaraa kuntaala miliyoona 49.9tu eegama

Gammachuu Kadiriin

Finfinnee: Itoophiyaa Giddugaleessaatti omisha qonna gannaa bara 2016/17 irraa callaa kuntaalli miliyoona 49.9 akka eegamu Biiron Qonna Naannichaa beksise.

Sadarkaa Pirezidaantii Ittaanaatti Qindeessaan Kilaastara Misooma Baadiyyaafi Hogganaan Biiroo Qonna Obbo Usumaan Suruur ibsa dheengadda Gaazexaa Bariisaatiif kennaniin akka jedhanitti, omisha qonna ganna baranaarraa callaa midhaan akaakuuwwan garagaraa kuntaala miliyoona 49.9 argamsiisuuf sassaabbiin midhaanii xiyyeeffannoofi bal'inaan gaggeeffamaa jira. Gamaaggama sassaabbiin boodaa biirichi gaggeesseen waliigala hanga kuntaala miliyoona 50tti callaan argamuu akka danda'u mul'isa.

Akka ibsasaaniitti, naannichi fayyadamummaa dinagdee ummataa mirkaneessuuf sosochii mataduree "Qonna qindaa'aa badhaadhina maatiif" jedhuun gaggeessuun qindoominaan hojiin milkaa'ina qabu galmaa'aa jira.

Sosochii gaggeeffameenis teknolojiifi guddistuu callaa fayyadamuudhaan qonna kilaastaraa akkamitti gaggeessuun akka danda'amurratti xiyyeeffannoon akka kenname ibsaniiru. Bu'aan argamaa jirus bu'aa ida'ama sosochii kennameen hubannoo uumameefi qindoomina hoggansaafi qaamolee qooda fudhattoota naannichaati jedhaniiru.



Omisha calleffameefi calleffamaa jiru

Bakka omishni gannaa irraa sassaabame qonna bonaatti jijjiiruun bu'aa argamaa jiru ittifufsiisuuf Fulbaana 24/2017 sosochii qindaawaa misooma qonna naannicha hundaa hammate gaggeeffameera. Sosochichis ajandaalee garagaraa haala yeroo qonna giddugaleeffachuun gaggeeffamuu ibsaniiru.

Yeroo sassaabii sababeeffachuudhaan omisha qisaasa'uurraa bilisa ta'ee sirna sassaabii omishaa qulqullina omishaarra dhiibbaa hingeessifne ajandaa isa jalqabaa ta'uu ibsaniiru. Ittaansuudhaan sosochiin qophii qonna bona bara 2017 gaggeeffameera.

Haaluma kanaan sosochiin maaddii guutuu, kunuunsa biqiltuu ashaaraa magariisaatiin dhaabamarii kunuunsuu, omisha mi'eesituufi bunaa cimsuurratti duraa duubaan gaggeeffameera. Dabalataanis qindoominni waldaalee naannicha keessatti argaman murteessoo waan ta'aniif sosochichi qindoomina waldaaleetiin akka gaggeeffamu ibsaniiru.

Naannichi agroo ikoolojii gammoojjii, badda dareefi baddaa qabaachuu eeranii;

sassaabbiin omishaa marsaa jalqabaa naannawa gammoojjii Onkoloolessa 1-30tti, badda dareetti Sadaasa 1-Mudde 15tti, baddaatti Mudde 15-Amajjii 15tti qoodamuudhaan qaamolee hawaasaa hunda hirmaachisuun akka sassaabamu ta'eera. Bakka maashinariin gaggeeffamuttis abbootiin qabeenyaa naannichaafi naannolee ollaa gatii madaalawaadhaan akka kireessan taasisuun qisaasa'uu omishaa hambisuuf hojii bal'aan hojjetameera.

Omishni utuu hinqisaasa'in sassaabamuun omishaafi omishtummaa dabaluuuf gumaacha olaanaa akka qabu eeranii; hojii qindaa'aa hanga ammaatti hojjetameen naannawa gammoojjii sassaabbiin %100 xumurameera, badda dareetti %70 ol sassaabameera. Akkuma agroo ikoolojii jiruufi omishi bilchina fixachaa deemuun sassaabbiin naannawa baddaatti ittifufa jedhaniiru.

Bu'aa argamaa jiruun bakkeewwan tokko tokkotti callaa boqqoloon hektaara tokkotti kuntaala 70 hanga 110fi qamadiin kuntaala 30 hanga 70 argamaa jiraachuu ibsaniiru.

Mijuu

BARIISAA SANBATAA Mudde 19 Bara 2017



Daawwannaa Pirezidaanti Imaanu'el Maakroon, hariiroo Itiyoo- Faransaay daran cimse

fuula **8**



“Waggoonni jijjiiramaa kunniin Baabbileef akka lammata dhalachuuti”

- Obbo Ahmad Najaash Abdurahman;
Kantiibaa Magaalaa Baabbilee

fuula **6**



Gabbaraafi Geega'oo Sikkoo Mandootti

fuula **10**

KEESSUMMAA BARIISAA

“Waggoonni jijjiiramaa kunniin Baabbileef akka lammata dhalachuuti”

- Obbo Ahmad Najaash Abdurahman; Kantiibaa Magaalaa Baabbilee

Bayyanaa Ibraahimiin

Baabbileen magaalaa qarqara Oromiyaa bahaatti argamtu yemmuu taatu, yeroo hedduu maqaan Baabbile jedhamu gaafa ka 'u wantootni akka dhagaa Baabbileefi Arbi Baabbilee dursee namatti yaadatama.

Magaalaan Baabbilee Godina Harargee Bahaatti naannolee Harariifi Sumaalee gidduutti kan argamtu yemmuu taatu, maqaan Baabbilee jedhamus kan moggaafameef ilmaan Oromoo Baarentoo Baabbilee Qalloo jedhamurra akka ta'etu himama.

Baabbileen kibbaafi bahaan naannoo Sumaaleetiin, dhihaan Aanaa Faadisiin, kaabaan immoo Aanaa Gursumiin daangeeffamtee kan argamtu yemmuu taatu, naannoo Oromiyaa taatee magaalaa naannolee lama gidduutti argamtu ta'uunshees adda ishee taasisa.

Gama misoomaatiin waggoota dheeraaf dagatamtee akka turte kan himattu magaalaa Baabbilee, waggoota jijjiiramaa kanneen keessatti garuu xiyyeeffannoo mootummaa argachuusheetu himama.

Obbo Ahmad Najaash Abdurahman, kantiibaa magaalattiiti. Isaanis haala guddinaafi jijjiirama magaalattiin waggoota jahan darbanitti taasisaa jirturratti Gaazexaa Bariisaa waliin turtii kan taasisan yoo ta'u, innis akka itaanutti dhihaateeraa dubbisa gaarii.

Bariisaa: Duraan dursee nu waliin turtii taasisuuf eeyyamoo ta'uu keessaniif guddaa galatoomaa jechaa, mee magaalaa Baabbilee maal fakkaatti, maaliinis beekamti kan jedhurraa haa eegalluu?

Obbo Ahmad: Baabbileen magaalota Oromiyaa hunda keessaa qarqara bahaatti tan argamtu yoo taatu, sababa kanaanis maqaa urjii, bahaa/ 'eastern star'/ jedhamuun beekamti. Naannoo Sumaaleetiin kan waldaangeessitu magaalaa tun, teessuma lafaa mijataafi qabeenya uumamaa hawwataas of keessaa qabdi.

Qabeenya uumamaa magaalattiifi naannawashiitti argaman keessaa kanneen sadarkaa biyyaatti beekaman, bineensota bosonaa keessaa kanneen akka Arbaa, iddoowwan hawwata turiizimiifi albuudota keessaa immoo dhagaa Baabbilee dabalatee albuuda Giraanaayitii dhagaa Baabbilee kanarraa hojjatamuufi akaakuuwwan dhagaa garagaagaraatiin uumamni miidhaagsee uume hedduu kan of keessatti hammatteedha.

Bariisaa: Qabeenya uumamaa magaalattiin qabdu kun akkuma jirutti ta'ee yeroo ammaa hojii magaalota miidhaagsuufi misooma koriidarii akka biyyaatti jiruun walqabatee hoo Baabbileen maal keessa jirti?

Obbo Ahmad: Magaalaa Baabbilee yeroo ammaa kana hojii misoomaa si'ataa keessatti kan argamtu yemmuu taatu, keessattuu ajandaa ministirri muummee keenya magaalota miidhagsuufi jiraattotaaf akka mijattuu taatuuf eegalchiisan akka



magaalaatti hojiirra oolchuuf humna guddaadhaan gara hojiitti galleerra. Kanumaan walqabatee pirojeektota qarqara daandiitti hojjataman qofa osoo hintaane, magaalattiitti iddoowwan bashannanaa gara garaas hojjachaa jirra.

Hojiiwwan misooma koriidarii hojjataman hawaasa magaalattii keessa jiru amansiisuudhaan iddoowwan misoomni kun itti ijaaramurraa dursanii qabeenyasaanii fedhiisaaniitiin akka kaafatan taasisuun hojiin qindoomina cimaa qabuun hojjatamaa jira.

Hojii misooma koriidarii alattis iddoowwan bashannanaa gara garaa ijaaramaa kan jiran yemmuu ta'u, kanneen keessaa ijaarsi 'city park'/ paarkii magaalaa qarqara magaalaa iddoo dhagaan Baabbilee argamutti bakki aara galfii ummataa bareedaa ta'e tokko hojiinsaaniisaffisaa hojjatamaa jira.

Kana qofa osoo hintaane, hojiiwwan bu'uraalee misoomaa gara garaa magaalattiitti hojjataman cinatti, gamoofi warshaa ijaaru, iddoowwan banaa magariisummaa magaalattiitiif oolan baay'isuuf xiyyeeffatamee hojjatamaa jira.

Hojiiwwan kunniin akka magaalota biraa zeeroorraa eegallee miidhagina magaalattii dabaluuudhaan hawwata turiizimii kan ittiin cimsinu osoo hintaane, magaalattiin uumamumaanuu miidhagdee uumamte tana hojii xiqqoo itti daballaan bareedinashii fooyyessuunis ta'ee hawwattummaa turiizimiishii cimsuun daran salphaadha.

Kanaafuu, inisheetiiviin misooma koriidarii kun magaalaa Baabbileef akka carraa misoomaa guddaa tokkootti kan fudhatamuufi carraa kanatti fayyadamuudhaan miidhagummaa magaalattii dabaluuun sochii hawwata turiizimii magaalattii cimsuufis

hoggansi magaalattiifi jiraattotnishi qindoominaan hojjatu.

Akka waliigalaatti yemmuu ilaallu magaalaa takka bareechanii ijaaruuf kan barbaachisu maallaqa guddaa qofa osoo hintaane, maallaquma magaalattiin maddisiistuufi dhaabbileen misoomaafi dhuunfaa magaalattii keessatti argaman hirmaachisuudhaan hojii ajaa'iba ta'e hojjachuun akka danda'amus barachaa adeemaa jirra.

Hojiiwwan bu'uraalee misoomaa magaalattii babal'isuufi miidhagsuuf hojjatamaa jiran kan armaan olitti ibsetti dabalatee iddoo olka'aa magaalattii cinaatti argamurratti galma guddaa tokko ijaaruufis karoofanneerra. Galmi kun immoo kan sagantaaleen gara garaa kanneen akka walga'iifi ayyaanota adda addaa achitti kabajuufi warreen cidha godhataniifis galma tajaajila kennuu danda'u ijaaruuf diizaayiniinsaa qophaa'cera.

Hojiiwwan misoomaa yeroo ammaa magaalattiitti hojjatamaa jiran kunniin kanneen faayidaansanii damdameessa ta'e yemmuu ta'u, fakkeenyaaf iddoowwan bashannanaa kanneen akka 'city park'fi riizooriin dhagaa Baabbileerratti hojjatamu miidhagina magaalattii dabaluu qofa osoo hintaane, dargaggootni magaalattii keessatti argamanis iddoo hinbarbaachine dhiisanii iddoo bashannanaa kanatti akka yeroo boqonnaasaanii dabarsan kan taasisuudha.

Keessattuu dhagaan Baabbilee miidhaginasatiifi albuuda giraanaayitii qabuun namootni carraalee gara garaatiin gara naannawa sanaatti dhufaniin daawwatamuun ala faayidaa asii fe'amee iddoo biraatiif kennu asittis miidhagsuun akka danda'amu hubannee gara hojiitti galleerra.

Waan sidhibu hoteelli guddichi Finfinneetti argamu, Sharaatan Addis akkuma jiruun kan miidhagamee ijaarame albuuda giraanaayitii dhakaa Baabbileerraa fudhatameeni. Kanaafii dhagaan asii Finfinneetti fe'amee Sharaatan akkasitti miidhagse kutannoon jiraannaan naannawa kanas waan hinmiidhaagsineef hinqabu.

Bariisaa: Waggoota jijjiiramaa kanneenitti jijjiiramni magaalaa tanaaf dhufe maali?

Obbo Ahmad: Dhugaa dubbachuuf magaalaa Baabbileetiif lafti kan bari'e erguma jijjiiramni kun dhufee asi jechuun ni danda'ama. Maaliif yoo jette, magaalaa tun uumamaan dachee mijataafi lafa diriiraa akaakuuwwan misooma adda addaatiif mijataa ta'e osoo qabduu, iddoowwan bashannaan oolaniis turiizimii harkisuu danda'an kanneen akka dhakaa Baabbileefi bineensota akka arbaa osoo qabduu xiyyeeffannoo mootummaa dhabuudhaan sadarkaa silaa irra qaqqabu qabdurraa duubatti hafteetti.

Hojiiwwan misoomaa yeroo ammaa erga mootummaan jijjiiramaa biyyattii hogganuu eegalee as magaalattiitti hojjatamaa jiran yemmuu ilaallu garuu faallaa isa kanaan dura baratameeti.

KEESSUMMAA BARIISAA

“Waggoonni jijjiiramaa kunniin...”

Akka fakkeenyaatti qabatamaan sii kaasuuif hojjiidhuma bara darbe magaalaa kanatti hojjataman yemmuu ilaallu, pirojektota haaraawaafi buleeyyiin 27 yeroo tokkotti eebbisiisuun danda'ameera. Kun immoo magaalaa kanaaf waan kanaan dura waggoota meeqaaf yaadamee milkaa'uu hindandenye kan milkeesseefi hawaasa magaalattii keessa jiraattis abdi kan horeedha.

Bara bajataa amma keessa jiruttis pirojektota faayidaa hawaasummaa gara garaa qaban hojjachuuf magaalichi qarshii miiliyoona 133 ramadee gara hojiitti galeera. Hojiiwwan inisheetiivii gara garaatiin hojjataman kanneen miidhagummaa magaalattiifi naannawa kanaa dabaluuhaan turiizimii baay'inaan harkisuuf gargaaran hedduus kan hojjatamuu eegalan erguma mootummaan jijjiiramaa kun dhufee asi.

Bifa waliigalaatiin yemmuu ilaalamu, hojiiwwan misoomaa damdameessaa yeroo ammaa magaalaa Baabbilee keessa jirtuuf bu'uurri mootummaa jijjiiramaa kana yoo jenne dubbii arbeessuu hinta'u.

Bariisaa: Gama misooma koriidariitiin hoo magaalattiin sochii akkamii keessa jirti?

Obbo Ahmad: Dhimma misooma koriidarii kana kallattiilee xiyyeeffannoo lamaan itti adeemaa jirra. Kana keessaa kallattiin jalqabaa dhaabbileen daldalaa hundi iddoo fuulasaanii dura jiru akka misoomsan taasisuu yemmuu ta'u, kallattiin ittaanu bajata mootummaatiin misoomuudha.

Isa bajata mootummaatiin hojjatamu yemmuu ilaallu, hojii misooma koriidarii kanaaf qarshii miiliyoona 110 ramadnee gara hojiitti galleerra. Gama hojii misooma koriidarii kanaan daandii kiiloometira sadii dheeratu misoomsuuf kan hojjatamaa jiru yemmuu ta'u, kunis daandii bal'isuufi bareechisuu qofa osoo hintaane, iddoowwan magariisa gara garaas kan dabalatuudha.

Hojiin misooma koriidariis ta'e kaan keessatti hirmaannaan ummataa barbaachisaa ta'uu hubachuun, abbootiin qabeenyaa, dhaabbileen misoomaafi hawaasni bal'aan magaalattii hojii kana keessatti qoodasaa akka bahatuuf hojiin hubannoo uumuu bal'inaan waan hojjatameef yeroo ammaa miira walhubannaa qabuun osoo komiin tokko hinkaane hojiin kun haala gaariin adeemsifamaa jira.

Bariisaa: Mee hojiiwwan babal'ina bu'uraalee misoomaafi misooma koriidarii kana cinatti dargaggoota magaalattiif gama carraa hojii uumuutiin Baabbile maal fakkaatti?

Obbo Ahmad: Hojiiwwan ijaarsa paarkii magaalarraa kaasee hanga hojiiwwan misooma koriidariitti hojiin hojjatamaa jiru irra jireessaan dargaggootuma magaalaa kana keessatti argamaniini. Dargaggootni ogummaawwan gara garaatiin eebbifamanii carraa hojii eeggachaa turan gurmeessinee hojiiwwan misoomaa kamuu keessatti akka hirmaatan taasisuudhaan sochii hojiiwwan misoomaa kamuu fayyadamummaa dargaggootaa akka dhimma ijootti fudhannee hojjachaa jirra.

Hojiiwwan misoomaa yeroo ammaa magaalattiitti adeemsifamaa jiran hunda yoo ilaalte hojii humnaatii kaasee hanga diizaayiniifi ijaarsaatti kanneen keessatti



Hojiiwwan misoomaa yeroo ammaa magaalattiitti adeemsifamaa jiran hunda yoo ilaalte hojii humnaatii kaasee hanga diizaayiniifi ijaarsaatti kanneen keessatti qooda fudhachaa jiran dargaggootuma magaalaa waldaadhaan gurmaa'aniidha

qooda fudhachaa jiran dargaggootuma magaalaa waldaadhaan gurmaa'aniidha.

Akkuma fakkeenyaatti yoon sii kaase, bara bajataa kanatti pirojektota akka magaalatti qabaman 18 yemmuu ta'an, bajatni pirojektota kanneeniif qabame immoo qarshii miiliyoona 133 oli. Pirojektotni kunniin hundi kan hojjatamaa jiran gurmoo dargaggootaa magaalattii keessa jiraniin ala kontiraaktarii iddoo biraatii dhufee asitti hojjachaa jiru hinjiru.

Kana jechuun hojii misooma magaalaa kamuu keessatti fayyadamummaa jiraattota magaalichaa keessattuu dargaggoota dhaabbilee barnoota olaanaarraa eebbifamanii carraa hojii hinarganne gurmeessuudhaan gara hojiitti galchuudhaani.

Magaalaa Baabbileetti inisheetiiviiwwan qonna magaalaa paappaayyaan sanyii filatamaa xiyyeeffannaan addaa kennamee hojjatamaa jira. Qaala'insa jireenyaa tasgabbeessuuf akkasumas jiraattonni magaalaa lafa xiqqaa qabanirratti inisheetiiviiwwan qonna magaalaa paappaayya sanyii filatamaa dhiheessuudhaan gama kanaan carraan hojii dabalataa akka uumamu taasifamaa jira.

Dargaggoonni inisheetiiviiwwan qonna magaalattiin kuduraafi muduraa adda adda misoomsuun fayyadamaa akka ta'an qonni magaalaa karoora maaddii guutuufi madaalawaa, carraa hojii uumuu, lafa xiqqaarratti omishuu danda'uu, omisha gahaa gabaaf dhiheessuufi wabii nyaataa

mirkaneessuuf qabame milkeessuu keessatti dargaggeessi gahee olaanaa akka bahatu taasifamaa jira.

Qonni magaalaa bu'aa olaanaa argamsiisaa waan jiruuf cimee akka ittifufu gochuun karoora rogawwan hundaan qabame milkeessuuf hojjetamaa jira. Omisha argame kanaanis qaala'insa gabaa magaalichaa tasgabbeessuu, karoora maaddii madaalawaa magaalattiin qabame milkeessuufi rakkoo carraa hojii hiikuu dhimma cimee ittifufuu qabuudha.

Dargaggoota damee horsiisa lukkuu, lukkuu foonii, beeyladoo garaagaraa kanneen akka furdisa loonii, loon aannaniifi indastirii godoorratti gurmeessuudhaan akka isaan humna argatanii ofiisaanii bira darbanii maatiisaaniis geeddaraniif hanga liqqi mijeessuufiitti deemnee hojjachaa jirra.

Kanaafuu, hojiiwwan babal'ina bu'uraalee misoomaafi ijaarsota gara garaaafi qonna magaalaa fa'irrattis dargaggootni baay'inaan akka hirmaatan taasisuudhaan rakkoo carraa hojii dhabuun walqabatee jiru salphisuuf Baabbileetti hojiin hojjatamaa jiru kan fakkeenyummaa qabuudha.

Bariisaa: Baabbile iddoowwan hawwata turiizimii Oromiyaan qabdu keessaa tokko waan taateef asirratti hojiin dabalataa hojjachaa jirtan yoo jiraate?

Obbo Ahmad: Akkuma atu kaafte Baabbile magaalota Oromiyaa uumamumaanuu miidhagduu taatee uumamteefi tuuristoota hawwachuuf carraa bal'aa qabdu keessaa ishee tokko. Amma immoo hawwata uumamaan magaalattiin qabdutti waa dabaluuif 'land scape' tokko hojjachaa jirra Gaara Tarree magaalaa keessatti argamurratti. Iddoon kun immoo lafa olka'aa achii yemmuu gadi ilaallamu guutuun magaalattii itti mul'atu waan ta'eef iddoowwan hedduu bareedaa waan ta'eef paarkii magaalattii achumurratti ijaaraa jirra.

Inni lammataa immoo hojii dhagaa Baabbileerratti hojjachaa jirruudha. Kanas Inistitiyuutii Pilaanii Oromiyaa waliin ta'uudhaan dhagaa Baabbilee kana misoomsinee hawwata turiizimiitiif oolchuuf hojii guddaa tokko achirratti eegalleera.

Bariisaa: Hawaasa fayyabuleessa horachuun misooma kamiifuu bu'ura waan ta'eef, mee gama inshuraansii fayyaatiin hoo Baabbile maal fakkaatti?

Obbo Ahmad: Akkuma atu jette hojiiwwan misooma magaalattiitti taasifamaa jiran

kanneen hunda kan hojjatu nama fayyaa qabuudha. Magaalaa Baabbileetti hojiiwwan babal'ina bu'uraalee misoomaafi misooma koriidariis taanaan hunduu kan hojjatamaa jiran kontiraaktara iddoo biraatii dhufeen osoo hintaane, dargaggootuma magaalattii keessatti argamaniin akka ta'e armaan olitti sii kaaseen ture.

Kana jechuun hojiiwwan pirojektii barana magaalattiitti hojjataman kunniin kan sirnaan ijaaramuu danda'an yoo hawaasni magaalattii keessa jiraatu fayyaansaa sirnaan eeggama qofa. Kana qofaa osoo hin taane, iddoowwan bashannanaa kanneen akka city park magaalattiitti ijaaramaa jiran bor kan tajaajilan hawaasa magaalattiitti. Yoo hawaasni nagaa guutuu hinqabanne namni iddoowwan bashannanaa kanatti bashannanu akka hin jirre ifa.

Kanarraa ka'uun dhimmi fayyaa dhimma xiyyeeffannoo addaatiin hojjatamuudha. Kana keessaa hawaasni inshuraansii fayyaa hawaasaa kana beekke akka ittifayyadamu hojii hubannoo uumuu cimaa hojjachuudhaan yeroo ammaa sadarkaan fayyadama inshuraansii hawaasa magaalattii fooyya'eera.

Fakkeenyaaf magaalaa Baabbileetti barana miseensa inshuraansii fayyaa kuma shaniifi 965 horachuun buusii qarshii miiliyoona torba ol walitti qabuuf karoofamee hojitti galameera.

Hojii gama inshuraansii fayyaatiin bara darbe hojjatame yemmuu ilaallu immoo miseensa inshuraansii fayyaa abbaa warraa kuma 5,965 horachuudhaan buusiin qarshii miiliyoona 5.4 ta'u walitti qabuun danda'ameera.

Sochii hanga ammaatti gama kanaan taasifameen magaalattiitti namoonni kuma 11fi 300 ol fayyadamaa inshuraansii fayyaa kan ta'an yoo ta'u; namoonni 414 immoo tajaajila inshuraansii fayyaa bilisaan argachaa turaniiru.

Muuxannoowwan bara darbeeraa ka'uunis baranaaf miseensa inshuraansii fayyaa hawaasaa kuma 5, 965 horachuun buusii qarshii miiliyoona 7.2 walitti qabuuf karoofameera. Kanaaf hojiiwwan misoomaa hojjataman cinatti hojiin hawaasa fayyabuleessa horachuu dhimma yeroo kamuu dursi kennamuufidha.

Bariisaa: Ani gaaffii koo xumuree isin yoo ergaa qabaattan?

Obbo Ahmad: Dhaamsi guddaan ani qabu hojiiwwan misoomaa yeroo ammaa magaalattiitti adeemsifamaa jiranirratti hawaasni humnaafi beekumsa qabuun akka hirmaatu gaafachuu yemmuu ta'u, keessattuu ijaarsa paarkii Baabbileetiin walqabatee hawaasa yeroo ammaa magaalattii keessa jiru qofa osoo hintaane, dhalattootashii biyyoota adda addaa jiraatan hirmaachisuudhaan hojiin guddaan mallattooshii ta'uu danda'u tokko eegalameera.

Kanaaf qaamoleen hojii kana keessatti hirmaachaa jiran cimsanii akka ittifufaniifi qaamoleen biroos hojiiwwan misoomaafi hawwattummaa turiizimii magaalattii dabaluuif magaalattiin hojjachaa jirtu cinaa akka dhaabbatan kabajaan gaafachuu barbaada.

Bariisaa: Galatoomaa

Obbo Ahmad najaash: Isinis galata qabdu.

Ilaamee...

Daawwannaa Pirezidaanti Imaanu'el Maakroon, hariiroo Itiyoo- Faransaay daran cimse

Saamraawiit Girmaatiin

Tibba kana gaggeessitoonniifi anga'oonni olaanaan biyyoota addunyaa garagaraa Itoophiyaa dhufuun daawwannaa hojiifi marii gamlamee biyyootaasani waliin taasisaa jiru. Kunis hariiroo biyyattiin biyyoota addunyaa waliin qabdu cimsuun dippilomaasii cimaa akka qabaatuuf kan gargaaru ta'uu hayyoonni damichaafi miidiyaan addaddaa ni ibsu.

Torban har'aas Pirezidaantiin Faransaay Imaanu'el Maakroon daawwannaa hojii guyyoota lamaatiif, jijjiiramaa as yeroo lammaffaaf Itoophiyaa kan dhufan yoo ta'u, Ministirri Muummee Itoophiyaa Abiyyi Ahmad (PhD) simannaafi gaggeessaa ho'aa taasisaniiruuf. Pirezidaantichis turtiisaaniitiin hariiroo siyaas dinagdee biyyoota lameenirratti mari'achuu cinaatti Masaraa Biyyalessaafi Godambaa yaadannoo Injifannoo Adwaatti daawwataniiru.

Itoophiyaafi Faransaay hariiroo dippilomaasii jaarraa tokkoo olii akka qaban seenaan kan ibsu yoo ta'u, ALA bara 1904 irraa eegaluun Faransaay, magaalota Finfinneefi Dirree Dhawaatti waajjira dippilomaasii banachuun hariiroonsanii bifa caaseffameen eegalame.

Akkasumas ALA bara 1904 Faransaay Imbaasiishee Itoophiyaatti banatte. Ittifufuunis ALA bara 1943 Wiirtuu Walta'iinsa Aadaa Itoophiyaafi Faransaay, bara 1947 Mana Barnootaa Liisee Gabramaariyaam Finfinneetti argamu, 1955 ammoo Dhaabbata Miishinii Arkiyoolojii Faransaay jedhamu Itoophiyaatti gara Dhaabbata Qorannoofi Qo'annoo Faransaayitti jijjiiruun hariiroon biyyoota lamaanii gama hundaan akka cimuufti hojjetameera.

Waraana Addunyaa Lammaffaa boodas Pirezidaantiin Faransaay Jeneraal Guleen Itoophiyaatti daawwannaa kan taasisan yoo ta'u, bara 1973tti ammoo daawwannaa Ministirri Muummee Faransaay Joorji Poompido taasisan hariiroo Itiyoo-Faransaay hundee jabaarra dhaabeera. Biyyoonni kunneenis bara hariiroo itti eegalan waggaa 125ffaasaanii bara 2014 sagantaalee addaddaatiin kabajuusaanii yaadannoo yeroo dhihooti.

Doktar Abiyyi Onkololeessa bara 2011 wayita biyyoota Awurooppaatti daawwannaa hojii taasisan Faransaay ishee tokko turte. Ji'oota shan boodas Pirezidaanti Imaanu'el daawwannaa guyyoota lamaatiif Itoophiyaa dhufuusaanii ni yaadatama.

Haala kanaan hariiroon biyyoota lamaanii siyaasa, dinagdee, hawaasummaa, aadaafi dameewwan addaddaatiin jaarraa tokkoo oliif cimse kan ittifufe yoo ta'u, Mootummaan Faransaay haaromsa Dhagaa Soofamaa ('Xarabamaa) Laallibalaafi Masaraa Biyyalessaaf deeggarsa ogummaafi maallaqaa taasisuun michummaashee waggoota dheeraalle gochaadhaan mirkaneessiteetti.

Yommuu waa'een Daandii Qilleensa Itoophiyaa ka'us, xiyyaara Ameerikaa Booyingiitti aanee kan ka'u cerbaasii Faransaayi. Kunis Itoophiyaan Afrikaa keessaa biyya jalqabaa xiyyaara kana fudhatte ta'uunshii hariiroo biyyoonni lamaan indastirii aviyeeshiniirratti qaban kan cimseedha.

Egaan biyyoonni hariiroo cimaa akkanaa



qaban yeroo yerootti waliin hojjechuufi haala biyyoonni irra jiran wali iyyaafachuun kan nama dingu hinta'u. Kanarraa ka'uun Pirezidaanti Imaanu'el wayita yeroo lammaffaaf gara biyya michuusaanii, Itoophiyaa dhufan Doktor Abiyyi Buufata Xiyyaaraa Idiladdunyaa Booleetti argamuun simanna ho'aa taasisaniiruuf. Simannaan boodas fuula miidiyaa hawaasummaasaaniirratti "Obboleessakoofi michuu dhugaa Itoophiyaa, Pirezidaantii Rippaabilika Faransaay, Imaanu'el Maakrooniin waggoota jahan darban keessatti daawwannaa yeroo lammaffaaf бага nagaan gara Itoophiyaa dhufanin jedha" jedhaniiru.

Marii gamlamee Masaraa biyyalessaatti taasisaniinis dhimmoota hedduurratti bal'inaan mari'achuu himanii, deeggarsa Mootummaan Faransaay haareessa hambaalee biyyattiif taasisseef galateeffataniiru. Mariisaaniitiinis walta'iinsawwan biyyoota lamaanii dameelee garagaraa kan sakkatta'ame yoo ta'u keessumaa, dabalaa dhufuu investimantiitiin walqabatee addatti hariiroo damee aadaafi barnootaan jiru caalaatti cimsuuf kan hojjetamu ta'uu waliigalteerra ga'uusaanii ibsu. Walitti hidhamiinsa seenaqabeessa biyyoota lamaanii daran cimsuufis akka waliin hojjetan cimsanii kaasuu eeru.

Pirezidaantiin Faransaay Imaanu'el Maakroon gamasaaniin, deebi'anii Itoophiyaa dhufuusaaniitti daran akka gammadan ibsanii, hariiroon Itiyoo- Faransaay waggoota dheeraa lakkoofsise kan cimsu ta'uufi hojiilee guguddoo waliin hojjechuuf qabaman xumuruu kan dandeessisu ta'uu kaasu. Haaromsii Laallibalaafi Masaraa Biyyaaleessa addunyaarratti sadarkaa olaanaa jedhamuu danda'amuufi ji'oota ittaananitti eebbifamu Faransaayii hojii guddaa ta'uu himu.

Fuuldurattis fooyya'iinsa dinagdee Itoophiyaa ammayyeessuun deeggaruufi waliigalte Piriitooriyaa nagaafi tasgabbi Tigrayyif bu'uura ta'e hojiirra oolchuuf akka tumsan himaniiru. Abdiin egeere Itoophiyaa badhaadhinaafi nageenya akka ta'u Faransaay ni amanti jechuunis ibsaniiru.

Godambaa Yaadannoo Injifannoo Adwaa kan daawwachiisan Kantiibaana Magaalaa Finfinnee Aade Adaanach Abeebes daawwannaan booda miidiyaa hawaasummaasaaniirratti, Pirezidaantii Rippaabilikii Faransaay kabajamoo Imaanu'el Maakroon бага nagaan dhufan jedhanii simachuusaaniifi Godambaa Yaadannoo Injifannoo Adwaa ummanni gurraachaa ittiin boonutti argamuun qabsoo

bilisummaa ummata gurraachaatiif gootata wareegama kanfalaniif siidaa yaadannoo jalatti abaaboo yaadannoo kaa'uusaanii himu.

Jijjiirama saffisaa Finfinneen mul'isteef dinqisiifannaa qaban isaaniif ibsuusaaniitiifis maqaasaaniifi maqaa bulchiinsa magaalatiin galateeffataniiru.

Hayyuun Siyaasaafi Hariiroo Idiladdunyaa Pirofeesar Biruk Hayiluu daawwannaa pirezidaantii Faransaay ilaalchisuun yaada miidiyaalee adda addaatiif kennaniin akka jedhanitti, biyyoonni lamaan hariiroo michummaa waggoota dheeraafi cimaa qabu. Daawwannansaaniis kanarraa kan maddeefi keessumaa inni ammaa bu'aa deeggarsa haareessa Laallibalaa ilaaluun sadarkaa idiladdunyaatti ceesisuudha. Kana cinaatti immoo mariiwwan gamlamee dhimmoota addaddaarratti taasisamuun hariiroo biyyoota lamaanii caalaatti cimsuuf kan yaadameedha.

Hariiroon biyyoota lamaanii keessumaa gaaffii Itoophiyaan ulaa galaanaa wajjin walqabatee Jibuutiif kaastuuf deebii gaariin akka argamuuf shoora olaanaa akka qabu kaasanii, biyyoota addunyaa Jibuutii waliin hariiroo olaanaa qaban keessaa Faransaay tokko ta'uusheetiin waliigalteerra akka ga'amuuf qooda akka qabaatu dubbatu.

Akka waliigalaatti, daawwannaan pirezidaantichaa gaaffii biyyoota addaddaaf deebii, sodaafi shakkii jirus kan qulqulleessu ta'uu eeranii, keessumaa haalli gaggeessitoonni biyyoota lamaanii 'obboleessakoo, hiriyyaakoo, michuukoo' jechaa walibsan hiikaan siyaasaafi dippilomaasiisaa olaanaa ta'uu kaasu.

Gaggeessaan Hojii 'Kings of Abay' Ustaaz Jamaal Bashir gamasaatiin, pirezidaantiin biyya guddittii Faransaay, Itoophiyaa daawwachuun mataasaatiin hiika olaanaa akka qabu himanii, keessumaa nageenyaan walqabsiisee yaada qaamoleen muraasni "Biyyattiin biyya, itti deeman, keessa taa'aniifi bulan miti" jechuun kaasanii deebii akka ta'u dubbatu. Keessumaa biyyoota Itoophiyaan biyyoota addunyaa waliin hariiroo gaarii akka hinqabaanne fedhaniif haala addaan yaadasaanii kan fashaleesse ta'uus ni ibsu.

Haareessa Laallibalaa %50 caale daawwachuun sababeeffachuun dhufanis mootummaan Itoophiyaa, haareessa Masaraa Biyyalessaa deeggarsaaniis keessa jiru, Godambaa Adwaa akkasumas, Paarkii Tokkummaafi misooma koriidarii hamma tokkos ta'u akka ilaalan taasisamuun deeggarsi pirezidaantichi Itoophiyaaf taasisan sirri ta'uusaaf akka wabiitti kan fayyaduufi caalaattis akka kakaasu dubbatu.

Gaaffii ulaa galaanaa Itoophiyaan dhiheessaa jirturrattis deeggarsa akka taasisan waadaa seenusaanii eeranii, kunis biyyoota akka Itoophiyaa guddinarra jiran biyyoota Awurooppaa wajjin hariiroo qabaachuusaanii faayidaa damdaneessa akka qabu kan agarsiisu waan ta'eef kan jajjabeffamu ta'uu eeru.

Waggoota ja'a keessatti yeroo lammaffaaf Itoophiyaa daawwachuupirezidaantii Faransaay Imaanu'el kanas miidiyaan idiladdunyaa bal'inaan gabaasaniiru. Rooyitarsi, 'VOA, BBC', Alaayin, Leemondi, Intalajansii Afrikaa, Istilii Vooyis, Gaarowee Onlaayin, CGTN, TV Arjantiinaafi kkfn uwwisa kennaniiruuf.

Abbaa Sa'aa

Alergii bunaa ji'a tokkotti raawwiin %176 itti galmaa'e

Saamraawii Girmaatiin

Itoophiyaan omishaalee addaddaa biyya alaatti erguun sharafa alaa argataa jiraachuun ishee ni beekama. Wantoota biyyattiin alatti ergitu keessaa bunni isa ijoofi barootaaf bu'aa olaanaan irraa argamaa turedha. Bara kanas ji'a onkololeessa qofa buna toonii kuma 20 ol erguun galii dolaara miliyoona 108 argachuuf karoofamee, karoora ol toonii kuma 35 (%176) ol erguun galiin doolaara Ameerikaa miliyoona 155.5 argameera.

Milkaa'ina kanaafi hojiilee akka waliigalaatti Abbaan Taayitaa Bunaafi Shaayii Itoophiyaa hojjete ilaalchisuun Daarektarii Ittaanaa Abbaa Taayitichaa, Obbo Shaafii Umar Gaazexaa Bariisaaf akka ibsanitti, damee bunaa, shaayii quyyisaalee irraa sharafa alaa argamsiisuuf karoora bal'aan qophaa'ee hojiitti kan seename yoo ta'u, karooricharrattis raawwattoota dabalatee qaamolee dhimmichi ilaalatu waliin sadarkaa sadarkaadhaan mariin taasifamuu himu.

Bu'uura kanaan ji'oota afran darbanitti hojii jajjabeessaan kan hojjetame yoo ta'e, keessumaa ji'a Onkololeessaatti karoora ol hojiin %176 raawwatamuu himanii, raawwiin kunis kan bara darbee yeroo walfakkaataa waliin yoo madaalamu hammaan toonii kuma 15 (%75) oliifi galiidhaan doolaara Ameerikaa miliyoona 62 (%66) ol caalmaa agarsiisuu dubbatu.

Ji'oota afranitti ammoo akka waliigalaatti buna toonii kuma 98.9 ol erguun galii doolaara Ameerikaa miliyoona 531 argachuuf karoofamee, karoora ol toonii kuma 150.3 (%152) erguun galii dolaara miliyoona 674.5 (%127) argamuusaa ibsu. Kunis yeroo walfakkaataa bara darbee wajjiin yoo madaalamu hammaan toonii kuma 62.5 (%71) akkasumas, galiidhaan dolaara Ameerikaa miliyoona 113.8 (%51) caalmaa qabaachuu adeessu.

Bara 2017 biyyoonni bunni baay'inaan itti ergamees Jarmanii, Saawud Arabiyaafi



Beeljiyeem sadarkaa tokkoffaadhaa hanga sadaffaatti kan qabatan ta'uu kan himan Obbo Shaafiin, Ameerikaa, Kooriyaa Kibbaa, Jaappaan, Yunaayitid Arab Imireet, Joordaan, Xaaliyaaniifi Awustiraaliyaan duraa duubaan hanga sadarkaa 10ffaa kan qabatan ta'uu ibsu. Biyyoonni kurnan kunneenis hammaan %77, galiidhaan ammoo sharafa alaa %78 akka qabataniifi kunis kan bara darbee wajjin yoo madaalamu hammaan caalmaa %84, galiidhaan ammoo caalmaa %60 akka qabu eeru.

Akka ibsa daarektara ittaanaa kanaatti gosti bunaa ji'oota afran darban ergamanis kan Naqamtee toonii kuma 52.2 (%35), galii dolaara miliyoona 193.3 (%29), kan Sidaamaa toonii kuma 26.8 (%18), galiidhaan dolaara miliyoona 142.9 (%21) akkasumas kan Jimmaa toonii kuma 34 (%23) oliifi galiidhaan dolaara miliyoona 127.2 (%19) galmeessuun sadarkaa tokkoffaadhaa hanga sadaffa qabataniiru.

“Bara bajataa 2017, damee alergii guddisuuf hojiileen addaddaa raawwatamaniiru. Ji'oota afran hanga Onkololeessaatti jiranitti hordoffii kontiraataatiin fooyyeessi hammaafi gatii taasifameera. Ergitoota bunaa waliigaltee seenanii sababoota addaddaatiin yeroodhaan fe'uu dhiisan lama harkaa fuudhuun ergitoota afuriif eeyyamni kennamee akka ergan

taasifameera.

Karoora qabame sirnaan milkeessuufis ogeessoonni olaanoosaddeet, ergitoota ijoo 140f sanbata dabalatee karooraafi gabaasa guyyuu qorachuun bunni dhihaatu qulqullinasaa kan eeggateefi adabbiif kan hinsaaxilamne akka ta'uuf hojiin deeggarsaafi to'annoo cimaa hojjetameera” jedhu.

Abbaa taayitichi walgahii guyyaa tokkoo hojjetoota waliin taasiseen raawwii bara 2017, kurmaana tokkooffaa qorachuun, rakkoolee mudatan furuun yeroowwan bara bajatichaa hafanitti karoora qabame milkeessuuf kallattii kaa'uu himanii, bara bajatichaa ji'a Onkololeessaatti dhiheessitootaafi ergitoota 140 waliin walitti hidhamiinsa uumuuf karoofamee kuma tokkoofi 127 wajjin uumamuusaa ibsu. Akkasumas, adeemsa bittaafi gurgurtaa walitti hidhamiinsa kallattii irratti bu'uureffateen walitti hidhamiinsawwan kuma tokkoofi 500f beekamtii kennuuf karoofamee kuma sadiifi 91 kennuu danda'amus ni kaasu.

Gatii waliin walqabatees dhiheessitoonniifi ergitoonni gatii buna ittiin gurguran olaanaafi gadaanaa isaa torban torbaniin ilaaluun kan murteeffamu ta'uu himanii, gabaasa biyyoooleessaafis akkasuma gabaasa idil addunyaa qorachuun ji'a ji'aan kan murtaa'uu ta'uu himu.

Kana malees qooda gabaasa guddisuuf tarsiimoowwan lama qopheessuun hojjetamaa kan jiru yoo ta'u, inni duraa gabaasa isuma duraa keessa turuufi inni lammaffaan buna biyyattii gabaasa biyyoooleessaatti beeksisuun gabaasa cabsee akka seenu taasisuu ta'uu dubbatu. Haala kanaan ji'oota afur keessatti Yunaayitid Arab Imireetis, Joordaniifi Awustiraaliyaan biyyoota kurnan duraa keessa seenuun isaanii tarsiimoon qophaa'ee sirrii ta'uu kan mul'isu ta'uu dubbatu.

Akkasumas ji'oota arfan darban bunni biyyattii egziibishiniwwan idil addunyaa Jaappaan, Kooriyaa Kibbaafi Chaayinaatti akka beeksifamu ta'uun isaa raawwii argamee milkeessuu keessatti gahee mataasaa akka qabu kan himan Obbo Shaafiin, koreewwan alergii dhimmichi ilaallatu waliinis marii taasisuun rakkoolee damicharratti mudatan haala hiikuun danda'amu irratti kallattii ka'amuus ni ibsu. akkasumas Waajjira Ministira Muummeetti, gaggeessumma Ministeera Qonnaafi qaamolee birootiin torban torbaniin gabaasa dhiheessaafi raawwiisaa qorachuun duubdeebii kenname fudhachuu hojiin waliinii hojjetamaa turuu kaasu.

Rakkoolee lojistikii adeemsa alergiiratti mudatan hiikuufis karaa koree dhaabateen torban torbaniin gabaasa qorachuun rakkoo konteenaraafi kanneen biroo hiikuuf hojjetamaa jiraachuu himu.

Bara bajataa 2017tti, rakkoolee ji'oota afran darban mudatan hiikuuf akkasumas kallattii gara fuulduraarratti qaamolee dhimmichi ilaallatu waliin mariin taasifamuu eeranii, qulqullina odeeffannoo guddisuuf akkasumas to'annoo gabaasa ammayyeessuuf daataabeeziin odeeffannoo bunaafi sirni odeeffannoo waljijjiiruu nageenyisaa eegame akka jiraatu hojii bal'aan hojjetamuu ni ibsu.

Akka waliigalaatti hojii xiyyeeffannaa addaa kennamee hojjetameen bu'aa olaanaan argamuufi kunis ji'oota hafanitti cimtee akka ittifufu kan hojjetamudha jedhu.

Magaalota Oromiyaatti hojii misooma beelladaa ammayyaa'aa

Imalli badhaadhinaa yaadamarra kan ce'e gocha qabatamaa lammilee maraammartoo hiyyummaa keessaa gara milkaa'inaatti ceesisudha.

Imala kana milkeessuuf karoora xiiqqi tarkaanfilee haaraan dabaalameen bu'aawwan guguddoon magaalota Oromiyaatti keessatti galmaa'aa jiru.

Hojiiwwan inisheetiivii garaa garaa magaalota Oromiyaa keessatti dhuunfaan hojjechuu irraa hanga karaa gurmaa'een misoomsuutti hojii hojjetameen milkaa'inoonni argamaa jiru.

Magaalota keessatti misoomni beelladaa kan akka horsiisa lukkuufi booyyee, horii aannanii, furdisaa horii, qurxummiifi omisha dammaatiin bu'aan gaggaariin argamaa jira.


Kanaan magaalotni iddoo gurgurtaa qofa osoo hintaane iddoo omishaa taasifamaa jiru. Hojii misooma qonnaa



magaalota Oromiyaa keessatti babal'achaa jiruun qaala'iinsi gabaasa to'achuu irratti milkaa'inni mul'achuun cinaatti nyaata madaalamaa omishuufi wabii nyaataa mirkaneessuuf gumaacha olaanaa taasisuun carraa hojii uumuufi galii dabaluuuf haala kan mijeesedha.

Mootummaan milkaa'inoota argamaa jiran kana cimsuun badhaadhina maatii irraa jiraattota magaalaa fayyadamoo taasisuuf bara 2017 keessa kilaastara beelladaa 138,800 ijaaruu omishaafi omishtummaa guddisuuf xiyyeeffannoon hojjechaa jira.

Haaluma kanaan magaalota Jimmaa, Aggaaroofti Maattutti inisheetivotni ijaarsa kilastarootaa haala saxaxaafi sadarkaa isaa eeggateen adeemsifamaa jiraachuu odeeffannoon Biiroo Kominikeeshinii Oromiyaa Bariisaaf erge ni agarsiisa.



AADAIFI AARTII

Gabbaraafi Geega'oo Sikkoo Mandootti

Bayyanaa Ibraahimiin

Oromoo Sikkoo Mandoo biratti aadaa fuudhaafi heerumaa keessatti sirnootni Gabbaraafi Geega'oo jedhaman sirnoota kennaan ittiin kennamuudha.

Gabbarri karaa ittiin dargaggeessi maatii intala irraa fuudhuutiif maallaqa yookan qabeenya, akkasumas loon kennuudha. Aadaan gabbaraa kun Oromoo Sikkoo Mandoo biratti waggoota hedduurraa kaasee hanga ammaatti kan ittifufe ta'us, moggaasniifi akkaataan itti adeemsifamu garuu barsiifataan kan dhufedha jedhu maanguddoonni.

Jechi "Gabbara" jedhu bu'uurrisaa kan hawaasa Oromoorraa madde miti. Yeroo durii sirna bulchiinsa 'Baranbaraasiifi Ciqaa Shuum' sana bulchitootaaf dammaafi waan adda addaa kennuudhaan gabbarutu ture. Barmaatilee keessa gara kanatti dhufee fuudhaafi heeruma keessa akka seenetu himama.

Akka aadaafi duudhaa Oromootti kennaan cidhaaf walii kennamu durirraa kaasee kan jiru ta'ullee maqaa 'Gabbara' jedhu kanaan ibsamaa akka hinturres maanguddoonni ni ibsu.

Akka aadaa fuudhaafi heeruma Oromoo Sikkoo Mandootti kennaan warri gurbaa warra intalatiif kennu Gabbara yemmuu ta'u, Geega'oon immoo kenna maatiin intalaa misirroota mana bahaniif guyyaa cidhaa sana kennuudha.

Geega'oon kenna guyyaa heerumaa maatiin intalasaatiif kennu kun, loon, harree, meeshaa manaa waan itti nyaatamurraa hanga sireetti kan of keessaa qabuudha. Maatiin intalaa guyyaa heerumaa san erga qabatani booda kenna qopheessanii intalasaatiif kennu. Geega'oon kun loon, meeshaa manaa, uffata ishee, uffata mucaa fuudhuu, kan haadhaafi abbaa mucaa uffisani kennuus kan dabalatuudha.

Geega'oodhaaf Oromoo Arsii biratti durii kaasee kennamaa kan ture hanga loon 25 kan gahu akka ture kan himamu ta'us, gidduudhaan garuu hanga loon 100tti guddatee akka tures ni yaadatama. Yeroo ammaa garuu haala jireenyaa wajjin hammi beellada kennamuu akka xiqqaateefi irra caalaan uffataafi meeshaalee manaarratti fuulleffachaa akka jirus hubachuun ni danda'ama.

Maatiin intalasa heerumsiiisuuf gaafa Gabbara fudhatu gaafa cidhaa ykn guyyaa intaltisaanii heerumtu Geega'oo akka kennu ofitti amaneeti. Yoo Gabbara gaarii fudhate dirqama horii ykn loon Geega'oo kenna. Yoo walbira qabnee ilaallu garuu Gabbaratu irra nama miidha.

Gabbara yoo qabaatte gabbarata. Yoo dhabde haadha warraa dhabda jechuudha. Gabbara nyaatee kan horii irraa hambisus jira. Geega'oon yeroo kennamu waan miira dorgommii ofkeessaa qabuufi maqaa ofii olkaasuuf jecha baasii Gabbara sanii ol ta'utu kennamaa jira.

Jiraataan Magaalaa Baatuu Maanguddoo Useen Galatoo garuu warra Gabbara kennurra kan miidhamu warra Geega'oo kennuudha ilaalcha jedhu qabu.



Akka yaadasaaniitti; Baasii Gabbaraafi Geega'oo yoo walbira qabde warra Geega'oo kennutu miidhama. Maaliifi yoo jette yoo Gabbara guddaa kenne warri sun Geega'oo jabaa ykn heddu irraa eega. Akka aadaa naannawa keenyaatti namni Gabbaraan heerumsiise Geega'oo caalchisee deebisuu qaba waan jedhutu jira. Kanaaf, maatii intalaatu baasii caalu baasa.

Yeroo ammaa gatiin Gabbara guddateera jedhanii kan namootni dubbatan baasiin warra gabbaruu sun baasii warri intalaa bifa Geega'ootiin kennu yoo walakkaa ta'edha.

Geega'oon jiraachuun barsiifata mucaan yoo intala fuudhu gabbaree waan fuudhuuf akka waan baasii baasee biteetti akka hin yaanne godhas jedhu.

"Maallaqa fudhatee yoo micayyoo warra saniif kennee callise sun aadaa miti. Xiinsammuu intalaatiifis gaarii hinta'u. Kanaafuu, Geega'ootu kennama. Maallaqni gabbaraan dhufe caallifamee ijoollee bultii ijaarrataniif bifa meeshaa, uffataafi qabeenya biraatiin deebi'ee kennamuu qaba waan ta'eef sirni kun raawwatama.

Misirroonni gaafa mana misirritii gahan weedduu weeddisanii Geega'oo jabaa akka abdatan ittiin ibsuun ergaa yoo dabarfatan;

"Nama gurraa nama gurraa har'a guyyaani"

Akka oduun jette jenna nama gurraa

Warri kan foolatu kenna nama gurraa nama gurraa" jedhanii waan akkanaa isinirraa eegna jedhanii warra intalaa gurra guddisani ergaa dabarfatu.

Akka aadaa Sikkoo Mandootti Geega'oon guyyuma cidhaa sana kennama.

Gabbarri duraan hariiroofi kabaja warra soddaatiif qaban agarsiisuuf jecha kenna kennuudhaan eegalamus, yeroo ammaa kanatti gatiin gabbaraa hanga qarshii kuma 50fi isaa ol akkasumas hawusaa (uffata qorraa) 10fi isaa ol kennuurra gaheera.

"Yeroo ammaa waan gabbarri humnaa ol ta'aa jiruuf daraggeessi intala jaalate fuudhuuf ni rakkata. Kennaan gabbaraa kunis dorgommii ta'aa waan dhufee baasii humnaa olii ta'aa jira. Hamma liqeffatanii

liqiidhaan fuudhuutti nama geessisa jira" yaadni jedhus ni dhagahama.

Keessumaa immoo gatiin gabbaraa waalta'aa ta'uu dhabuun dhiibbaa guddaa fidaa kan jiru yoo ta'u, kunis bifa aadaafi duudhaa ganamaa qofaan osoo hintaane, namni miira dorgommii keessa galee haalli inni ittiin qabeenyasaa mul'ifatu uumaa jira.

"Namni hammuma qabu gabbara osoo ta'ee gaariidha. Waanti amma jiru 'ebeluu qarshii kuma 50, kuma 100 gabbare, tiyyas intalli kan ebeluutiin gadi miti' jechuudhaan humnaa ol nama gaafachuunis ni mul'ata.

Gama biraatiin immoo gabbarri bultii ijaaruufi kabaja intala heerumtuu mirkaneessuuf warra dhiiraarratti qofa dhiibbaa kan uumu waan ta'eef jaalala gaa'ila booda qabaatanirrattillee dhiibbaa qabaachuu akka malu warreen shakkani hindhabamne.

Naannawwan tokko tokkotti immoo dureeyyiifi kanneen biyya alaati dhufan gabbara dubartii olkaasani waan kennaniif gatiin gabbaraas haalli ittiin dabalaa deemu kan mul'atu yoo ta'u, kun namoota harkaql'eeeyyii gabbara akkasii hindandeenyerratti dhiibbaa uumaa jira.

Rakkoo kana furuuf yeroowwan adda addaatti yaaliwwan gatii gabbaraa daangessuuf taasifamaa turanis yeroo murtaa'eef abbootii gadaatiin lallabamus guututti hojiirra oolee garaa garummaa furuu hindandeenye.

Gatiin gabbaraa olka'uun namni humna hinqabne akka bultii hinijaarranne waan dhiibbaa uumuuf butiin deebi'ee akka babal'atu gochaa jiraachuus warreen sodaa qaban jiru.

Akka ilaalcha kanaatti; kan ijoollee dhiiraa barsiifata boodatti hafa ta'e butiitti deebisaa jiru, kan ijoolleen durbaas 'fedha kiyya' jettee akka dhiira jala kaattee wajjin galtu taasisaa jiru olka'iinsuma Gabbaraa kana. Ijoolluma gabbara jalaa olfageessanii rakkisan kanatu gara yakkaatti nama dhiibbaa jira. Butiinimmoo seerota hundaanuu dhorkamaadha.

Sababa gabbara kaffaluu sodaaf butiin babal'achaa jirus gocha yakkaa ta'uunsaa

hubatamee dhaabachuu qaba. Bakkawwan hedduutti, maatiin intalaa erga gabbara fudhatanii booda ijoollee walfuudhaniif meeshaa manaafi kennaawwan biraa kan kennan jiraatanis, kanneen gabbara fudhatanii harkuma duwwaa intala heerumsiisanis hindhabamne.

Gatiin gabbaraa haalota gara garaatiin olka'ee ijoolleen dhiiraa gara butii akka yaadan gochuun dhugaa mul'atu ta'ullee, gabbarri hariiroo hawaasummaafi soddoomaa cimsuufis shoora olaanaa kan taphatuudha.

Qorattoonni seenaa tokko tokko gabbarri akka aadaa waliin hidhata hinqabne kaasanis soddaan kenna walii kennuun kabajaafi waljaalala cimsuuf gahee qaba. Keessumaa Arsii biratti kenna warra mucaatiif bakka guddaatu kennamaaf. Dura akkuma kennaati ilaalamaa ture, amma garuu gatiinsaa daran olka'eera.

Waan maallaqni kaffalamu dabaleef 'Gabbarri akka sababa ka'umsa butii' ta'aa dhufuun kun garuu waan sirratuu qabuudha. Gadaan Arsii gabbarri humnaa olii akka hafuuf tumaa tumus, amma ummanni jaalalaan kenna walii kennetti dirqiidhaan yaa hafu jechuun waan hindanda'amneef homaa gochuun hindanda'amne.

Gabbarri fedhiifi jaalalaan kennama malee seerri irratti bahee dirqama ammana kaffaluu qabda jedhu hinjiru. Warruma tumaa tumetu deebi'ee gabbara kana gabbarisaa jira waan ta'eef, gama abbootii Gadaatiin tumaa walirratti tumuun jijjiirama fiduun ni ulfaata.

Furmaanni waaraan garuu ummanni waliigalee kan qabuufi kan hinqabneefis akka ta'utti waan mana dhiiraatii gabbaraaf bahu kana akka jirusaanii itti utubataniif mariidhaan murteeffachuun barbaachisaadha.

Walumaagalatti; sirni jaalala soddoomaa maatii walirraa fuudhaniifi walitti heerumsiisan gidduutti uumu; Gabbarriifi Geega'oon karaa waldorgommii hinqabneefi gochoota seeraan alaa kanneen akka butiitiif osoo karaa hinbanne duudhaa ganamaatiin gaggeeffamuu qaba.

Qarreefi Qeerroo

“Osoo kanaan dura mariin jiraatee bosona seenuun filannoo hinta’u ture”

- Dargaggoota

Waasihun Takileetiin

Qeerroofi qarreen Oromoo, Oromoofi Oromummaa cunqursaan itti hammaate ofirra qolachuuf qabsoo hadhaa’aafi obsa fixachiisaa hanga aarsaa lubbuu gaafatu kaffalaa tureera.

Keessumaa cunqursaa sirni moototaa Oromoo dabalatee sabaafi sablammiirratti qaqqabsiisaa ture afaan, aadaa, eenyummaa, lafasaaniifi amantiisaaniirratti qaqqabsiisaa ture daran hammaataa waan tureef qabsoon fincila diddaa gabrummaa yeroo yeroon akka gaggeeffamu ta’aa kan ture yoo ta’u, shoorri dargaggoonni qabsicha keessatti taphataa turan olaanaadha.

Fincila diddaa gabrummaa dargaggootaan gaggeeffamaa ture hordofee sirnoonni moototaa, Dargiifi ADWUI dabareesaniifi eeganii hundeedhaa akka buqqa’u taasisaniiru.

Sirnoota darban kanneen buqqisuuf wareegamni qaaliin kaffalamaa tureera; dargaggoonni hedduun bosona seenanii qabsoo hidhannoo gaggeessaa turaniiru.

Haata’u garuu walddhabdee yaadaas ta’e ilaalchaa mariin fixu waraanaan walfixuun sirrii waan hintaneef gaaga’ama walwaraanaatiin muudatu hir’isuun dimokraasii babal’isuuf waraana osoo hintaane yaada kaasuun ammayyummaa ta’uu qondaalota siyaasaatiin ka’aa tureera.

Seenaa Itoophiyaa keessatti haala kanaan dura hinbaratamneen mariin biyyaalessaa yaadonni gara garaa waltajjii ajandaa walittiqabuu tibbana sadarkaa Oromiyaatti adeemsifamerratti ka’an garaagarummaa yaadaafi ilaalchaa waraana kaasisaa turan marii, ilaafi ilaameedhaan furuuf tattaaffiin jalqabame jajjabeessaafi ammayyaa’aa ta’uu dargaggoonni maricharratti hirmaatan nikaasu.

Dargaggoo Zallaqaa Taaddasaa Godina Horroo Guduruu Wallaggaa, Aanaa Sulula Fincaa’arraa maricharratti kan hirmaate yoo ta’u, mariin akkanaa dhabamuurraa kan ka’e dargaggoonni qabsoo hidhannoo bosona seenaa turuu kaasa. Dubbii mariin fixu waraana kaasanii walfixuun Oromoofi gola Oromoo gaaga’aa dinagdeesaa golgoleessaa deegaafi gadadoof isa saaxilaa tureera jedha.

Waraanni lafee cabsa, qorqalbiin jaamsa, qaama hir’isa. Garuu mariif dursa kennuun dubbii gabaabsa, nageenya waraana mirkaneessa jedhee, kun ta’uu dhabuurraa kan ka’e akka dargaggoonni bosona seenuun wareegama qaaliin hanga aarsaa lubbuu akka kaffalanis ta’eera jedha.

Jaarraa 21^{ffaa} kana keessa walddhabdee karaa dimokraatawaan mariin furuun fala waan ta’eef waraana kaasuun qabsoo yeroon itti darbeedha jedha. Oromoon akka Oromootti dimokraatawadha jedhama.

Dhugaadha sirna Gadaa keessatti guddatee uumaasaafis ta’e uumama lafarraaf kabaja guddaa qaba. Ormas hammatee, kaan harma hoosisuun, guddifachaan, moggaasaan Oromoomsee lafaltee hiree jiraachisaa ture.

Kunimmoo duudhaa ganamaa itti guddate waan ta’eef eenyumarra ummata dimokraasiif dhiyoo ta’e waan ta’eef waraana mariifi



Dargaggoo Zallaqaa Taaddasaa

araaraaf bakka guddaa kenna.

Duudhaan walddhabdee mariin fixuu kun seenaa Itoophiyaa keessatti takkaa hojjiirra oolee kan hinbeekne yoo ta’u, amma mootummaa jijjiiramaatiin jalqabamuunsaa Oromoofis ta’e Itoophiyaaf milkaa’ina guddaa nageenyi amansiisaa itti mirkanaa’u ta’uu dargaggoon kun ni ibsa.

Bu’uuruma kanaan dargaggoonni yaada, dhimmi Oromiyaafi biyyakoo na ilaallata jedhuun marii biyyaalessaarratti hirmaachuun gaheesaniin bahachaa jiru.

Dargaggoonni keenya warra mul’ataan socho’aniidha. Hama haala yeroofi egeree biyya keenyaatiif warra wabii ta’uufi waardiyyaa dhaabatu taanetti garaagarummaa yaadaa bosona nugalchu mariin akka fixnuuf haalli mijataan jira. Bu’uuruma kanaan yaadni dhorkaa tokko malee ka’aa, mallis dhahamaa jira. Kunimmoo imala jijjiirama biyya keenyaatiif wabii ta’ee tajaajila jedha.

Dargaggoon Oromoo gaaffilee hedduu kan dinagdee kan hawaasummaafi kan siyaasaa qaba. Gaaffilee kanneeniif mariin kun mala tokko jechuun ibseera.

Qabsoon yeroo dheeraaf akka Oromiyaatti gaggeeffamaa ture dhimmoota abbaa biyyummaa Finfinnee, Afaan Oromoo afaan hojii federaalaa taasisuu, saamicha lafaa maqaa daangaa babal’ifannaan Oromoo qoraa jiru fa’i.

Hudhaaleen kunniin qabsoo waraanaa kanaan dura qaqqabaa tureef madda waan ta’eef mariin kun isaan kanallee kan of keessti hammadha jedha.

Dhimmoota kanneen karaa waraana hinkaassisneen furuun osoo danda’amuu dhiibbaa cunqursitootarraa ka’een gatii kaffalaa turreerra kan jedhe dargaggoon kun; sirna jijjiiramaa kana keessa qabsoon karaa dimokraatawaa gaggeeffamuu eegalamuunsaa jijjiirama guddaa egeree biyya keenyaafis bu’uura milkaa’inaa ta’ee kan tajaajilu ta’uu dubbata.

Dargaggoonni keenyas qabsoo hidhannoorraa gara qabsoo dimokraatawaatti akka fuulleffatan karaa kan saaqu waan ta’eef sochichi dargaggoota biratti kan jajjabeeffamudha jechuunis ibseera.

Gaaffiin seeraa dhimma Oromoofi Oromummaarratti xiyyeeffate dhoksaan osoo hintaane ifaafi bilisaan ka’aa kallattiin xiyyeeffannoo akka kennamuu qabu ta’uunsaa kan nama jajjabeessu; ijaarama sirna dimokraasii itti jiramuufis wabii guddaa



Shamarree Galatee Dassaalee

ta’ee kan tajaajiluudha jedha.

Dargaggoonni Oromoo gaaddisa Odaa jalatti sirna Gadaatiin ijaaramaa waan guddataniif dimokirasiif haaraa miti kan jettu ammoo Godina Wallagga Bahaa, Aanaa Limmuu Galiilaarraa kan dhufte Shamarree Galatee Dassaaleeti.

Mariin biyyaalessaa haala kanaan dura hinbeekamneen akka biyyaati eegalamuun gaaffii keessa keenyaa dubbannee akka furru kan taasisudha jetti.

“Mariin waraana hambisa, gaaga’ama baraara. Waan kanaan dura walddhabdee mariidhaan furuun hinaaddeffanneef fuulli qeerroofi qarree gara qabsoo hidhannoo akka fuulleffatu godhaa tureera.

Sirnoonni darban kan itti abaaraman keessaa caalmaa yaadaarra meeshaa waraanaan biyya bulchaa ummata qe’eefi qabeenyasaarratti gabroomsuun jibbi akka hammaatu taasisaa turaniiru.

Dhaloonni qe’eef qabeenyasaarratti harqoota gabrummaaf boquusaa hinkennu jechaa turemmoo bosona galuun qabsoo hidhannoo gaggeessaa turuun eenyumaafuu ifa” jetti.

Qabsoon hidhannoo filannoo isa dhuma; fincila diddaa gabrummaaf taasisamudha kan jette Shamarreen tun, gama kanaan jaarraa tokkoofi walakkaaf Oromoon mirgasaa, daangaasaa eenyummaasaa kabachiifachuuf kufee ka’aa turuu himti.

Kanas ta’e sana sirnoonni Oromoo dabalatee sabaafi sablammii yeroo dheeraaf cunqursaa turan wareegama qaaliin obboleeyyan keenyaan hundeedhaa buqqa’aniiru kan jette Shamarree Galateen; rakkoo qawwee kaassisu mariin furuuf mari’achuun kan nama jajjabeessu ta’uu kaasteerti.

“Bara Oromoon biyya bulchaa jiru kana keessa sirni dimokraatawaa qeeqaafi yaada darbees gaaffii qaban karaa dimokraatawaa kaasuun eegalamuun dhugumattuu Oromoon uummata sirna dimokraatawaa Gadaadhaan guddatedha isa jedhuuf agarsiistuu guddaadha.

Mariin kun bifa kutaalee hawaasaa kudhan hirmaachiseen sadarkaa biyyaati yoo gaggeeffamu sabaafi sablammiileen gaaffiisaanii dhorkaa tokko malee akka kaafatan isaan taasisera.

Akka sirnoota darbanii sabni guddaan kun saba xiqqaa jedhamee walqooduun osoo hinjiraatiin hunduu walqixa yaadasaa mariif dhiyeessee furmaata akka eeggatu ta’aa jira.



Dargaggoo Miftaa Abbaadhibbaa

Dimokraatawaa ta’anii gaaffii ofii dhiyeeffachuun sabaafi sablammiin walqixa ta’ee waltajjii tokkoratti dubbachuun seenaa Itoophiyaa keessatti isa jalqabaa yoo ta’u, warreen qabsoo hidhannoo bosona seenanillee ilaalchasaanii akka geeddaratan kan godhe waan ta’eef kan jajjabeeffamudha” jetti.

Dargaggoo Miftaa Abbaadhibbaa Godina Jimmaa, Aanaa Sigmoorraa marii biyyoolessaarratti hirmaachuuf kan dhufe yoo ta’u, marichi dhaloota egereef wabii jaalalliifi tokkummaa itimirkanaa’udha jedha.

“Dhaloonni amma jiru gaaffii waggoota 150f abbootiin keenya nutti kennan deebisiisuuf warra dura hiriiru yoo taanu, waraanaan osoo hintaane ilaaf ilaameen furuuf warra jalqabaa ta’uu keenyaan carraa guddaadha.

Haata’u garuu dhimma Oromoofi Oromiyaarratti gaaffii kaasuu qofa osoo hintaane furmaanni waaraan dhaloota nuduuba jiru kan boqochiisu akka ta’uuf hawwiikooti.

Gaaffii baroota dheeraa abbootiin keenya dabarsanii nutti kennan dhaloota itaanutti warra dabarsu osoo hintaane dhaloota furmaataa taanee nageenya amansiisaa warra dhaalchisu ta’uu qabna.

Dhimmoonni Afaan Oromoo afaan hojii federaalaa, abbaa biyyummaa Finfinnee samichi lafa Oromiyaarratti maqaa daangaa babal’ifannaan hammaataa jiru daangaa akka qabaatu feena.

Kun yeroo jedhamu Oromoon sabaafi sablammiif jibba qabaatee osoo hintaane walqixxummaan akka jiraatu, hunduu akka hireessatti gaheesaa akka argatu saamichiifi alseerummaan akka dhaabatu Itoophiyaan hundaaf haadha taate akka ijaaramtu kan godhudha malee tokko irra inni kaan jalatti akka dhiitamu jechuu miti” jedheera.

Walumaagalatti haala kanaan dura hinbaratamneen mariin biyyaalessaa karaa kutaalee hawaasaa hunda hirmaachiseen keessumaa dargaggoonni utubaa biyyaa ta’an bilisummaan dhimmi biyyakoo na ilaallata yaada jedhuun seenaa Itoophiyaa keessatti haala kanaan dura hinbaratamneen qabsoon marii ilaafi ilaamee eegalamuun qabsoon hidhannoo gara qabsoo caalmaa yaadaatti akka jijjiiramu kan taasisa, nageenya waraana biyyaa mirkaneessuufi Itoophiyaa hundaaf taatu ijaaruu keessatti shoorra guddaa waan taphatuuf kan jajjabeeffamudha.

“Haalli nageenyaa Shawaa Bahaa kan duraaniirra fooyya’aa jira”

-Obbo Abbaabbuu Waaqoo

Natsaannat Taaddasaatiin

Adaamaa/Ciroo: Haalli nageenya Godina Shawaa Bahaa kanaan dura ture ummatarratti miidhaa qaqqabsiiseera. Ummannis miidhaa sababa rakkoo nageenyaatiin irra gahaa ture bahee ibsachuun humnoota seeraan ala hidhatanii socho’aniif waamicha nagaa taasisisuu bulchaan godinichaa Obbo Abbaabbuu Waaqoo himan.

Obbo Abbaabbuun ibsa dheengadda Gaazexaa Bariisaatiif waajjirasaaniitti kennaniin akka jedhanitti, humnoonni seeraan ala hidhatanii socho’aa turan waamicha nageenyaa ummanniifi mootummaan taasisaniif dhaga’anii gara qabsoo nagaatti deebi’aa jiru.

Godinichatti hanga torban darbeetti humnoonni hidhatanii bosona turan 72 waamicha nageenyaa taasifameef fudhatanii gara nageenyaatti deebi’aniiru. Kanneen bosonatti hafanis guyyaa guyyaan deebi’aa jiraachuufi haalli nageenya godinichaa yeroo ammaa daran fooyya’uu himu.

Humnoonni kunniin gara nageenyaatti deebi’uun waamicha nageenyaa ummanniifi mootummaan taasisaniif dhaga’uu, kabajuufi rakkoo nageenyaa ummatni keessa ture hubachuusaanii agarsiisa kan jedhan Obbo Abbaabbuun, rakkoo nageenyaa mariifi marabbaan furuun dhimma yeroon gaafatu ta’uus eeraniiru.

Rakkoo nageenyaa mariin furuun qabsoo karaa nagaa taasifamu ta’uu himanii, qabsoon karaa nagaa taasifamu lubbuu gabbaruu kan hingaafanneefi qabeenyi barbadaa’uu kan hambisu ta’uus eeraniiru.

Godinichatti rakkoon nageenyaa furamaa jiraachuun walqabatee manneen barnootaa kanaan dura sababa rakkoo nageenyaatiin cufamani turan 38 keessaa yeroo ammaa 27 banamuufi qonnaan bultoonni sababa rakkoo nageenyaatiin lafa qonnaasaanii hojjetaa hinturres hojjiitti deebi’uu dubbatu.

Nageenya godinichaa haala amma jiruun yoo ittifufe nageenyi amansiisaan yeroo gabaabaa keessatti guutummaatti kan mirkanaa’u ta’uus himaniiru.

Gama biraatiin Ittigaafatamaan Waajjira Bulchiinsa Godina Harargee Lixaa Obbo Toofiiq Ahmad gamasaaniitiin akka jedhanitti, rakkoon nageenyaa hojjiilee misoomaa gufachiisu keessa hinjiru.

Kana jechuun rakkoon nageenyaa tasumaa hinjiru jechuu miti. Humnoonni daangaa ce’anii rakkoo uuman darbanii darbanii waan mul’ataniif oppireeshinii cimaan yeroo yeroon adeemsifama jechuun ibsaniiru

Humnoonni hidhatanii socho’an gara nageenyaatti akka dhufaniif karaa mootummaa, Abbootii Gadaa, Haadholii Siinqeeffii abbootii amantiitiin yeroo garagaraa waamichi nagaa taasifamaafii jiraachuu himanii, humnoota waamicha nageenyaa hinfudhanneefi halkan halkan dhokatanii saamaniifi rakkoo nageenyaa uumanirratti mootummaan tarkaanfii olaantummaa seeraa kabachiisuu fudhachaa jiraachuu himaniiru.

Nageenya godinichaa caalaatti mirkaneessuuf sadarkaa aanaatti milishoonni baay’inaan leenjifamaa jiraachuu himanii, lakkoofsi miliishoota ganda tokko keessa jiran 20 irraa gara 75tti guddachuus eeraniiru. Humnoonni nageenyaafi ummannis qindoominaan hojjechaa jiraachuu himaniiru.

“Tumaa Gamtaan Abbootii Gadaa...

keessaa ari’ama. Namni shamarree akkasumas dubartii abbaa warraa qabdu gudeedeefi shamarre butes akkaatuudhuma araddaan itti muretti kan adabamu ta’a. Adabbii kanas yoo namni yakkichi raawwate baqateefi humna dhabe qomoosaatu gumaa kanfala” jedhu.

Akkasumas, namni daa’ima baatee karaarratti ittiin kadhatu, humnasaaniitti akka malee fayyadamu, kan hojii humnaaf daddabarsu, kan dhokseefi wantoota miidhaaf isaan saaxilan raawwate bu’uura araddaatiin kan gumaa kanfalu ta’uu eeraniiru. Kan kittaansiseefi huba qoonqoo mursisellee adabbii hawaasni itti mure kan baasu ta’uu ibsu. Kana malees namni dubartii reebu, qaama hir’isuufi miidhaawwan addaddaa irraan ga’e gumaa kan kanfalu ta’uu dubbatu.

Kanaan malees abbaa Gadaa dabalatee, jaarsi biyyaa dhimmoota kanneen akka buttaa, reebichaafi miidhaa daa’immaniifi dubartootarra ga’uun walqabatee gumaan kanfalamu akka hafuufi araaraan

xumuramuuf jaarsummaa deemellee akkaataa araddaatiin waan sirni Gadaa irratti mure kan adabamu ta’uu hubachiisu. Hoggantuun Biiroo Dhimma Daa’immaniifi Dubartootaa Oromiyaa Aadde Mabraat Baacaa gamasaaniin, tumaaleen Gamtaa Abbootii Gadaatiin tumaman kunneen dhiibbaawwaniifi miidhaawwan daa’immaniifi dubartootarra yeroodhaa gara yerootti bifa jijjiiratanii babal’achaa jiran qolachuuf faayidaa olaanaa akka qabu himanii, kanas safuufi duudhaa ummata Oromoo hojjiitti hiikuun hojjiirra kan oolu ta’uu dubbatu.

Seera abbootiin Gadaa tuman kanatti ummanni yoo sirnaan bule rakkoo daa’immaniifi dubartootarra qaqqabaa jiru xiqqeessuufi dhabamsiisuun akka danda’amu eeranii, keessumaa hojii biiroonsaanii xiyyeeffatee hojjetu tumsuu keessatti qooda olaanaa waan qabuuf raawwiisaarratti hunduu tumsuu akka qabu waamicha dhiheessaniiru.

Waliigaltee araaraa...

hinqabneedha jechuun ibsan.

Walwaraansa taasifame keessatti mana walirratti gubuu, gocha suukanneessaa walirratti raawwachuun akka tures yaadachiisanii, aadaa dhiifamaa abbootii keenyarraa dhaalletti dhimma bahuun hariiroo kaleessa namoota dhuunfaa gidduu ture deebisanii fayyisuutu barbaachisa, yoo kana hintaane dhangala’uun dhiigaa ittifufuu danda’a jedhaniiru.

Gorsaan pirezidaantii naannichaa Birgaadeer Jeneraal Hayiluu Gonfaa gamasaaniitiin waraana dhaabuun qaamolee hidhannoon socho’an deebisanii hawaasatti makuuf jechoota fayyadamnurraa kaasee of eggannoo cima taasisuutu barbaachisa jedhan.

“Ani warra hidhatanii socho’an faana yoommuun haasa’u waraana furadhun jedhaan malee waraana hiikkadhu

hinjedhuun” jedhanii; qaamolee hidhatan karaa nagaa hawaasatti makuuf fedhii, kutannoofi deeggarsi qooda fudhatootaa barbaachisaa ta’uu eeraniiru.

Walwaraansa dhaabuuf gaheen miidiyaa olaanaadha; rakkoo siyaasaa caalaa miidiyaan bosonaa nama baasuufis ta’ee bosonatti nama galchuuf humna qaba jechuun eeranii; akkaataan dhimma araaraa itti seenessinu nagaya waraana fiduuf murteessaadha jedhaniiru.

Waliigalteen araaraa Mootummaa Naannoo Oromiyaafi WBO giddutti mallatteeffame keewwata 13 kan qabuufi akkaataa ittiin naannichatti waraana dhaabuun loltoota Waraana Bilisummaa Oromoo ittiin ummatatti deebisanii makuun danda’amurratti ifatti kan barreeffameedha jedhaniiru.

Oromiyaatti sochiin ispoortii atileetiksii..

kan ta’aniif leenjii saayinsaawaa akka argatan taasifameera jechuudha.

Bariisaa: Atileetiksiin Ummata keenya biratti fudhatama olaanaa qaba. Hanqinnisaa garuu furmaata argataa hinjiru. Akka Oromiyaatti maaltu yaadame?

Shimallis: Ummata keenyaaf atileetiksiin eenyummaasaati. Eenyummaarra darbee duudhaasaati. Qabxii atileetiksii keenya bakka duriitti deebisuuf hojjiin sagantaa leenjii guddattootaarratti hojjetame bareeda. Hojji boonsaan hojjetame atileetota abdi egerree, alaabaa biyya keenyaa addunyaarratti mirmirsuu danda’an waggoota sadii/afur booddee guddisuuf karoofannee tattaafachaa jirra. Akkasumas deeggarsi hidhannoo ispoortii akka sirratu, maallaqni leenjistootaaf akka dabalamu taasifamee hojjiin kun edda eegalamee ji’oonni darbaniiru.

Riiformii Shaggariin walqabatee kilabni tokko akka magaalatti hundaa’era. Hundaa’uusaa gaariidha. Biraandii Shaggar qabsiisanii kilaba atileetiksii tokko hundeesuun waan gaariidha. Ta’us kilaboonni maqaansaani eerame

moggaafama maqaansaani ammoo kilaba kutaa magaalaa Gafarsa Gujee, kilaba atileetiksii Mana Abbichuu, kutaa magaalaa Koyyee Faccee, kutaa magaalaa Galaan Guddaa, kutaa magaalaa Lagaxaafuu jedhaman kun xiqqoo laafeera.

Sababiinsaas deeggarsi kan taasifamu kutaa magaalaa Shaggarirraa waan ta’eeff magaalichi ammoo erga magaalicha riifoormii godhee Biirron, yookiin caasaan magaalaa Shaggar kun kallattumaan kilaboota kana hordofuu, deeggaruu, keessattuu mindaan isaanii akka wal irraa hin cinne gochurratti rakkoon uumameera jechuudha.

Kana bu’uura gochuun atileetota Gafarsaa Gujee mindaa ji’a sadii, ji’a lamaa warra hinkaffalaminiiif hubannee barana haala haaraan riiformii goonee akka bu’aa ittifiduu danda’an ijaaruufi gurmaa’inasaanii cimsuurratti hojjechaa jirra.

KilabaSulultaashoggansakutaamagaalichaa wajjin haasofnee kaampiisaanii, nyaataafi bishaansaani, bakka itti shaakalan, hidhannoo ispoortii, mindaa leenjistootaafi atileetotaatiin walqabatee rakkoo ta’uu erga waliigalee booda yeroo gabaabaa keessatti

furmaanni kennameera.

Gara biraatiin kilaboota kanneen irra naannofnee hojii keenya hojjechuuf rakkoowwan hin hiikanne kallattumaan magaalaa Shaggar wajjin kana furuuf, yoo kana ta’uu baate ammoo hanga Kantiibaatti dhimmi kun ka’ee kilaboonni kunniin akka kilabaa ta’anii ittifufaniifi leenjii saayinsaawaa argatan naannoo keenya bira darbanii hanga biyya keenyaatti bu’aa gaarii argamsiisan hojii guddaa hojjechaa jira jechuudha.

Qajeelfama ittiin bulmaataa kilaboota atileetiksii ilaalchisees kan bara 2002 ba’etu hanga ammaatti jira. Qajeelfamichi hanqina guddaa waan qabuuf yaa’ii waliigalaa 3ffaa Federeeshinii Atileetiksii Oromiyaa dhiyaate irratti mari’atameera. Qajeelfamni haaraan kilaboonni ittiin hogganamanis yaa’ichaan ragga’ee mirkanaa’ee gadi bu’eera.

Qajeelfamichi kilaboota keenya baraaruf, bakka duriitti deebisuufi atileetota qulqullinaafi dandeettii qaban horachuuf ga’ee oolaanaa kan qabuudha. Hojjiirra oolmaasaas hordofaa jirra.

Godina Baaleetti...

ammayyaa godinichatti hinbeekamu ture; erga inisheetivichi jalqabamee karaa mootummaafi deeggarsa dhaabbilee mitmootummaatiin qaamolee omishaniif deeggarsaafi gatii madaalawaadhaan dhiyaachaa jira jedhaniiru.

Bara bajataa darbe gaagurri ammayyaa kuma 55 ol dhiyaachuu yaadachiisanii; bara bajataa kanammoo gaagura ammayyaa kuma 88 dhiyeessuuf karoofamee ji’oota shanan darbanitti gaagurriwwan kuma 32 ol dhiyaateera jedhan.

Gaagura ammayyaa akka qopheessan gochuuf hojdhaddoota waldaadhaan gurmeessuunifi xaawulaa dhiyeessuun gatii xiqqaa ta’een qonnaan bultootaaf akka dhiyeessan taasisuuf xiyyeeffannoodhaan hojjetamaa jiraachuu eeranii, karaa kallattiis ta’e alkallattiin hojjiin misooma dammaa namoota hedduuf carraa hojii uumaa jira jedhaniiru.

Bara bajataa kana damma toonii kuma 6900 omishuuf karoofamee ji’oota shanan darbanitti damma toonii 3500 omishuun danda’amuu himanii; inisheetiviin maaddii guutuus omishtummaa misooma dammaatiif haala mijataa uumeera jedhaniiru.

Bu’aa damee kanarraa argamu dabaluu dhaabbilee mitmootummaa biyya keessaafi jaarmiyaaalee idiladdunyaa garaagaraa waliin ta’uun qaamolee omishaniif leenjiin hubannoo cimsu kennamaa jira jedhaniiru.

Misoomni koriidarii baadiyyaa qonnaan bulootaa fayyadamtoota teknolojii taasisa

- Yaa'ii 2ffaan Paartii Badhaadhinaa Amajjii 23-25 bara 2017 gaggeeffama

Riippoortara Gaazexichaatiin

Finfinnee: Misoomni Koriidarii Baadiyyaa qonnaan bulootaa fayyadamtoota teknolojii taasisuufi karaa ammayyaan akka omishaniif deeggaruu miseensi Koree Hojii Raawwachiistuu Paartii Badhaadhinaafi Pirezidaantiin Mootummaa Naannoo Oromiyaa Obbo Shimallis Abdiisaan ibsan. Misoomni koriidarii naannichatti eegalame faayidaa gama hedduu qabaachuus eeranii, ummanni Itoophiyaa baadiyyaa jiraatu bu'ura dingadee biyyattii ta'uu ibsaniiru. Misoomni koriidarii baadiyyaa qonnaan bulaan aadaafi duudhaasaa eeggatee oyiruu qulqulluu, lukkuu, kuduraaleefi muduraalee akkasumas omisha dammaafi aannaniin badhaadhe taasisuufi jiruufi jireenya ammayyaa'aa akka hordofu taasisuufi, jedhan. Bu'uraalee misoomaa fooyyaa'aa ijaaruu garaagarummaa baadiyyaafi magaalaa

gidduu jiru kan dhiphisu ta'uus ibsaniiru. Mootummaan naannichaa hubannoo qonnaan bulootaa cimsuun naannawaa misoomni koriidarii hojjetametti jijjiiramni qabatamaan mul'achuufi hojichi cimnee kan ittifufu ta'uu himaniiru.

Gama kaaniin yaa'ii 2ffaan Paartii Badhaadhinaa Amajjii 23-25 bara 2017 kan gaggeeffamu ta'uu pirezidaantii ittaanaan paartichaafi Sadarkaa Ministira Muummee Ittaanaatti Ittigaafatamaan Giddugala Qindeessa Ijaarsa Sirna Dimokraasii Obbo Adam Faaraah ibsan.

Kallattiiwwan yaa'ii 1ffaa paartichaan kaa'amaniin hojii jajjabeessaan hojjetamuus himaniiru. Kallattiiwwan gama dinagdee, siyaasaa hawaasummaa dippiloomaasii, seenessa waloo ijaaruufi nageenyaafi tasgabbiin kaa'amaniin, paartichi waadaa ummataaf gale raawwachaa jiraachuus kaasaniiru.



Obbo Shimallis Abdiisa


Damee dinaagdee mandhaleefi imaammata ginagdee gooroo hojirra oolchuun jijjiiramni qabatamaan mul'achu himanii; tokkummaa biyyaaleessaa cimsuuf sirni Federaalaa cimaan akka jiraatuuf hojjetamuus dubbataniiru.

Damee siyaasaatiinis hojiilee jajjabeessoon hojjetamuu ibsuun, paartiilee siyaasaa



Obbo Adam Faaraah

Itoophiyaatti argaman waliin waltajjiin marii uumamuu eeraniiru. Rakkoo nageenyaa fiinxaaleessummaan walqabatee mudateefi qormaatiilee uumamaa dandamachuun bu'aalee galmeessuun danda'ameera jedhan. Yaa'ii 2ffaa paartichaaf koreen hundaa'uun hojiitti galamuus himaniiru jechuun TOIn gabaaseera.



Oromiyaatti gabaa ayyaanotaatiif qophiin duraa haala gaariin taasisfamaa jira

Biirichi gabaa ayyaanota...

qophii gabaa taasisuu Biiron Daldala Oromiyaa beeksise.

Hogganaa ittaanaan biirichaa Obbo Tasfaayee Gashuu ibsa dheengadda Gaazexaa Bariisaaf kennaniin akka jedhanitti, biirichi ayyaanota Qilleefi Cuuphaa bara 2017tti hanqina galteewwaniin walqabatee qaala'iinsi gatii akka hinmudanneef qophii bal'aa taasisseera.

Qophii taasisameenis beeyiladootni qalmaaf oolan kuma 500 oliifi zayitiin nyaataa liitira miliyoona 10 ol gabaaf akka dhiyaatuuf hojiin walitti hidhamiinsa gabaa bal'aan hojjetamuu ibsaniiru.

Akka ibsasaaniitti, ayyaanota Qilleefi Cuuphaa sababeeffachuun hanqinni dhiyeessii akka hinmudanneef qooda fudhattoota waliin hojiin walitti hidhamiinsa gabaa bal'aan hojjetameera. Godinaaleefi magaalota Oromiyaa hundatti midhaan akaakuuwwan gara garaa, meeshaalee bu'uraa zayitiifi sukkaara, kuduraafi muduraa, bu'aawwan industiriifi beeyladaa dhiyaaturratti qaala'iinsi gatii akka hinuumamneef hojiin walittihidhamiinsa gabaa bal'aan hojjetameera.

Walitti hidhamiinsa gabaa gaggeeffamuun midhaan akaakuuwwan garagaraa kuntaalli kuma 122fi 695 gabaa ayyaanota Qilleefi Cuuphaarratti dhiyeessuuf karoofamuu himanii; haaluma kanaan boqolloo kuntaala kuma 50 ol garbuu kuntaala kuma 18fi 341, xaafii kuntaala kuma 36fi 132fi daakuu qamadii daabboo kuntaala kuma 20, akkasumas kuduraafi muduraa toonii kuma

460fi 968 nidhiyaata jedhaniiru.

Beeyilada qalmaaf oolan kuma 500 ol, re'ee kuma 336fi 149, hoolaa kuma 277fi 632 lukkuun miliyoona sagaliifi killeen miliyooni 30fi damma toonii kuma tokkoofi 852 gabaaf dhiyeessuuf qindoominaan hojjetamaa jira.

Dabalataanis, dhiyeessii meeshaalee bu'uraa zaayitii nyaataa liitira miliyoona 10 ol qamadii kuntaala 72,050 akka dhiyaatuuf walitti hidhamiinsi dhiyeessitootaafi warshaalee waliin taasisfamu ibsaniiru. Walitti hidhamiinsi uumames bakka itti gurguran akka barbaachisu himanii; milkaa'ina walitti hidhamiinsa gabaa kanaafis naannichatti gabaawwan Sanbataa 442 hundeeffamaniiru.

Gabaa Sanbataa kunneenitti qonnaan bultoonniifi omishtootni omishasaanii akka dhiyeessaniif caasaa sadarkaan jiru hirmaachisuun hojjetamaa jira. Finfinneettis walitti hidhiinsa yuuniyeenotaa waliin giddugaloota gabaa Saarbeet, Hayaa Hulattiifi Saariisitti jiruun akka dhiyaatu ibsaniiru.

Hawaasni yeroo gabaan akkanaa dhufutti sochii maallaqa sobaa, omisha nyaataa qulqullina hinqabne walitti makameefi omisha yeroon ittadarberaa daldaloota seeraan dhiyaaturaa akka of eeggatu dhaamani gocha kana ittisuuf hordoffiifi to'annoon cimnee akka ittifufu ibsaniiru.

Oromiyaatti barana baadiyyaatti...

mana jireenya barsiisotaa furuuf kallattii gaariin gadibu'us raawwiiratti hudhaa guddaan jiraachuu pirezidaantichi ibsaniiru.

"Rakkinnicha furuun walqabatees hoggansa akaakuu saditu numudate, isaanis hoggansa osoo haalli mijaa'aan hinjiraatin rakkinnicha furuuf hojjetu, hoggansa barsiisotaaf lafa

mana jireenyaa kennuuf lafa dhabee rakkatuufi hoggansa utuma ilaalcha barsiisaa maaltu adda godha jedhuun utuma haala mijaa'aa qabu rakkinnicha furuuf fedhii hinqabneedha" jechuun ibsaniiru. Rakkinnicha furuuf waldichi hojii dhiibbaa uumuu gara fuulduraattis cimsee kan ittifufu ta'uu Obbo Waaqwayyaan ibsaniiru

"Abbaa biyyummaa Finfinnee..."

mul'atan yoo ta'u, jijjiirama kana keessammoo afaan, aadaan, eenyummaafi duudhaan sabootaafi sablammiilee ukkaamsaa jala ture dhohee bahuus kaasaniiru.

Yeroo ammaatti mariin naannolee baay'eetti gaggeeffamuun hirmaachisummaa dabalaa jiraachuu agarsiisa jedhanii, Oromoonis haqasaa seenaafi seeraan bade deebisiisuuf mari'achuun jajjabeessaa ta'uu eeru.

Akka ibsasaaniitti dhimmoonni Afaan Oromoo afaan hojii federaalaafi Finfinnee taasisuu, abbaa biyyummaa Finfinnee deebisiisuu gaaffii sirrii deeggarumuu qabuudha.

Finfinneen magaalaa ardii biraarraa cittee dhufte otoo hintaane magaalaa lafee qonnaan bulaa Oromooratti ijaaramteefi haqa Oromoo ta'uu kaasaniiru.

Kana jechuunimmoo saboonniifi sablammiileen keessa jiraachuu hindanda'an jechuu osoo hintaane haqni jiru beekamuun dhugaan abbaaf deebi'uu qaba jechuudha jedhan.

Bu'uuruma kanaan madaan baroota lakkoofsise kun akka dhinsuuf dhugaa deebisuun murteessaa yoo ta'u, yaaliin ardii biraa gochuuf taasisfamu madaa kan bal'isuudha jedhaniiru.

Mariin ammaan tana sadarkaa biyyaatti taasisfamaa jiru hudhaalee garaagarummaa yaadaa jiran dhiphisuun federaalizimii sabdaneessaa kan lafa qabsiisu waan ta'eef jajjabeeffamuufi deeggarumuu akka qabus dhaamaniiru.

Sabaahimaan ABO Jaal Toleeraa Adabaas gamasaaniin osoo mariin jiraatee walwaraansi filannoo hinta'u jedhu. Sirnoonni darban mariif balbalasaanii cufachuurras kan ka'e saboonniifi sablammiileen cunqursaa hammaataa jala turuu yaadachiisu.

Cunqursaanimmoo fincila diddaaf waan nama kakaasuuf garaagarummaa mariin furuurras afaan qawweetiin deebisiisuuf taasisfamaa turuunimmoo nageenyi waaraan akka hinjiraanne gochuu himu.

Yeroo ammaa garuu ejjennoo, walwaraansi nigaha, waldhabdee mariin furra jedhuun mariin

akka biyyaatti eegalame kan jajjabeeffamudha jedhu.

Mariin sagaleen sabootaafi sablamootaa hundi akka dhagahamu kan taasisse ukkaamsaa dur ture kan hambisu waan ta'eef jijjiirama guddaa ta'uu kaasaniiru.

Itoophiyaan akka sirnoonni darban jedhan osoo hintaane biyya saboonniifi sablammiileen hedduu garaagarummaa afaan, aadaa, amantaan waldanda'anii keessa jiraatanidha malee biyya olaantummaa saba tokkoo, afaan tokkoo, amantaa tokkoo miti.

Sirni federaalizimii sabdaneessaa cimaa deemuu qaba jedhanii, mootummaanis hojii gama kanaan sagaleen sabootaafi sablamootaa akka dhagahamuuf marii biyyaaleessaa jalqabsiisuunsaa kan nama jajjabeessu ta'uu ibsaniiru.

Miseensi Mana Maree Bakka Bu'ootaa Ummataafi Gorsaan Waajjira Pirezidaantii Oromiyaa Obbo Mahaammad Ahmad Qophe gamasaaniin mariin biyyaaleessaa yeroo jalqabaatiif gaggeeffamuunsaa rakkoolee hawaasa walitti buusan gama siyaasaan, seeraan walqabatan adda baasuun nageenyi waaraa akka mirkanaa'u kan taasisuudha jedhan.

Bu'uurama kanaan waltajjiin marii qophaa'ee ummanni bilisummaan yaadasaa ibsachuun rakkoo jiru baasee akka dubbatuuf mariin bilisummaan gaggeeffamuunsaa kan nama jajjabeessu ta'uus ibsaniiru.

Kutaaleen hawaasaa gara garaa keessaa babbahan akka biyyaattis akka Oromoottis hudhaalee ijoo ta'an gama seeraan adda baasuun ilaafi ilaameen furuuf tattaaffiin mootummaa jijjiiramaa kana keessa taasisfamuunsaa seenaa addaa ta'uus himu.

Itoophiyaan hamma biyya sabaafi sablammi taatetti bulchiinsi sirna federaalizimii hunda walqixxeessu jabaachuu akka qabu, kanamalees heerri mootummaas ciramee kan badu osoo hintaane bakka barbaachisaa ta'etti fooyyessaa deemuun Itoophiyaa hunda hammattu ijaaruu barbaachisaa ta'uu dhaamaniiru.



BARIISAA



Tashooma Qadiidaatiin

Oromiyaatti sochiin ispoortii atileetiksii maalirra jira?

Biyyi keenya, Itoophiyaan addunyaarratti akka beekamtu kanneen taasisan keessaa tokko dorgommii atileetiksiiti.

Dur atileetiksiidhaan Itoophiyaa kan beeksisan dhiiraan Kumaalaa Baashaa Waamii Birraatu, Irreessaa Abbabaa Biqilaa, Maammoo Waldee, Mahaammad Kadiriifi Isheetuu Turaa yoo ta'an, warri isaan dhaalan Fiixaa Baay'isaa, Hayilee Gabrasillaasee, Gazzahaanyi Abarraa, Tasfaayee Tolaa, Qananiisaa Baqqalaafi Silashii Sihin, har'a ammoo Taammiraat Tolaafaan urjiiwwan biyyaati.

Dubartootaan gootota olompikiifi shaampiyoonaa atileetiksii addunyaa Daraartuu Tulluu, Geexee Waamii, Faaxumaa Roobaa, Masarat Daffaar, Ijoollee Dibaabaa (Ijigaayyoo, Xirunashiifi Ganzabee), Tikii Galaanaafaan dirriiwwan irratti hirmaatan maratti alaabaan Itoophiyaa olka'ee akka tallisu taasisaniiru.

Atileetonni waltajiiwwan addunyaa adda addaarratti maqaa Itoophiyaa waamsisan kunneeniifi kaan garri caalu Naannoo Oromiyaarraa burqan. Burqaan kun akka ittifufuufi hingogneef maaltu hojjetamaa jira jechun Gaazexaan Bariisaa torbee darbe ittigaafatamaa Federeeshinii Atileetiksii Oromiyaa, Inistiraaktara Addunyaa Shimallis Daawwit waliin gaafii deebii itaanu taasiseraa dubbisa gaarii.

Bariisaa: Damee ispoortii atileetiksii kana keessa waggoota hammamiif turtan Inistiraaktar? Dubduubee barnootaa keessanis otoo nuu ibsani?

Shimallis: Daa'imumaa koorraa kaasee ispoortii atileetiksii keessan ture, ammas keessuman jira. Ergan yuunivarsiitiidhaa bahee akka carraa ta'ee leenjiiwwan murteessummaafi leenjijummaa keessan gale. Atileetiksiitti dabalee yeroon barataa yuunivarsiiti ture tapha kubbaa miilaarrattis hirmaadheera.

Kan baradhes saayinsii ispoortii waan ta'eef damicha keessa bubbuleera. Ergan hojiitti galee bara 2000 irraa kaasees hojiidhuma atileetiksiin hojjechaa jira.



Inistiraaktar Shimallis Daawwit

Bariisaa: Tolee. Akka nama damee kana keessa tureetti hanqina damee atileetiksii keessatti muldhatu akkamiin ibsituu mee?

Shimallis: Duraan dursee atileetiksiin waliigalaan ummata Oromoo wajjin akkamitti walqabata kan jedhu kaasuu barbaada. Atileetiksiin ummata Oromootiif enyummaadha.

Gaafan kana jedhu baroota darbanitti atileetonni gootonni keenya Oromiyaa beeksisuurra darbanii Itoophiyaan addunyaarratti akka beekamtu taasisaniiru. Kanaafis Irreessaa Abbabaa Biqilaa dabalatee atileetota heddu kaasuu dandeenya.

Kanaaf atileetota harka 99.9 ta'an Olompikiirratti, shaampiyoonaa atileetiksii addunyaafi dorgommiiwwan qaxxaamura biyyaarratti atileetuma ummata Oromoo

keessaa bahantu alaaba biyyasaanii tallisiisaa ture, ammas jiru.

Ta'us waggoota muraasaa as haalli kun hanga tokko qabbanaa'eera. Sababiin kanaa maali jedhee akka qorataa, ogeessa muuxannoo idiladdunyaa qabuufi jaalataa ispoortii atileetiksii tokkootti ilaalaan ture.

Gaafa kana ilaallu dhugaa dubbachuuf hanqinni guddaan sagantaa leenjii dargaggootaa sadarkaa naannootti qabnu qixa barbaadameen "Tallent Area" jennee adda baasnee kennuu dhabuu, oggeesi beekumsa qabu, oggeesi saayinsiidhaan leenjisu ilaalani kennu dhabuun, hordoffii deeggarsa walirraa hincinne taasisuu dhabuu, akkasumas dafqa leenjijootaa, hidhannoon leenjijootaa yeroo jedhametti qulqullinasaa eeggatee dhaqqabuu dhabusaatiin atileetiksiin keenya bakkasaatii mucucaateera. Kana

sirreessinee qabxii gaarii fiduuf ammoo qajeelfama pirezidaantiin Mootummaa Naannoo Oromiyaa kennaniin karoora baafannee hojiitti seenneerra.

Kana malees akkuman kaase iddoon itti mucucaanne eessa kan jedhu ilaaluun, keessumaa kutaa leenjijoota guddattootaa, hidhannoo, dhimmoota dafqa leenjijootaafi filannoo atileetotaatiin walqabatanirratti sirnaan gaggeeffamaa akka hinturre addaan baafneerra. Wantota hedduus riiformii gooneerra.

Bariisaa: Qabxiin atileetiksii akkuma biyyaattuu gadibu'aa dhufeera. Kana sirreessuuf keessumaa akka Oromiyaatti maaltu hojjetamaa jira?

Shimallis: Qabxiin gadibu'uun dhugaadha. Keessattuu qabxii Olompikii bara darbee keessatti nutis of ilaallee kana jijjiiruun dirqama keenya jennee fudhanneerra. Rakkoonsaa maali kanjedhu xiinxaluudhaan hoggansi kutannoodhaan sagantaa leenjii guddattootaa facaatiirraa kaasee godinaalee bulchiinsa magaalaa kennamee sirreessuuf xiyyeeffannaan irratti hojjetamaa jira.

Facaatii sirreessuu qofa osoo hintaane sagantaa leenjii guddattootaa 34 akka naannootti qabnu deeggaruudhaan baay'ina sagantichaas gara 60tti guddisuun, kan nama dhunfaas jaha itti dabaluuudhaan manneen marii aanaafi magaalaa 46, kanneen federeaalaa deeggaraman saddeetti, walumaagala sagantaa leenjii guddattootaa 120 qabaannee iddoo kennaa adda baasnee hojjechaa jira.

Gara filannooti deemuun dura leenjijoota sadarkaa aanaatii kaasee hanga godinaalee jiran magaalaa Bishooftuutti waamuudhaan humna raawwachiisummaa leenjii saayinsummaa ta'e kennuudhaan atileetiksii keenyas, ispoortiiwwan garagaraa akka naannootti laafaa jiru kana fooyyessuuf yaadamee ulaagaa bahe sanaan filannoon akka gaggeeffamu ta'e.

Kallattiidhaan barana sagantaa leenjii guddattootaa 120 atileetota kuma sadii ol

Gara fuula 14tti

Ramaddiin koreewwan haaraa federeeshinichaa raawwatame

Federeeshiniin Atileetiksii Itoophiyaa Yaa'ii Idilee 20ffaa dhiheenya kana gaggeesseen koree haaraa federeeshinichaa waggoota afran dhufaniif gaggeessan filateera.

Filannichaan Komaandar Silashii Sihin Oromiyaarraa pirezidaantii federeeshinichaa ta'uudhaan filatamuunsaa ni yaadatama.

Koreen raawwachiiftuu hojii kunis walga'iisaa jalqabaa dheengadda gageeffachuudhaan qooddii hojii taasifateera. Haaluma kanaan Injinar Geetuu Garramawu Dirre Dhawaarraa dursaa Ittaanaa pirezidaantii, Atileet Masarat Daffaar Finfinneeraa Pirezidaantii Ittaantuu ta'uun ramadaniiru.

Akkasumas Aadde Ababaa Yooseef Naannoo Amaaraarraa qabduu maallaqaa, Obbo Biniyaam Miruts Tigraayirraa walitiqabaa koree kominikeeshinii, Doktor Tizaazuu Mosee Finfinneeraa walitiqabaa koree naamusaafi komii dhaggeeffattuu, Obbo Admaasuu Saajjii Naannoo Giddugala Itoophiyaarraa walitiqabaa koree qorannoofi qo'annoo, Aadde Saaraa Hasan Oromiyaarraa walitiqabduu koree qabeenya walitiqabduu, Doktor Daafraa Mahaammad naannoo Somaaleeraa walitiqabduu koree yaalumsaafi farra dawaa jajjabeessituu, Atileet Yamaanaa Tsaggaayeeffi Balaayinash Oljiraa ammoo bakka buutota atileetota ta'uun ramadaniiru.



Koree haarawaa federeeshinichaa